# OG-AARTIIWWAN

## Kitaaba Barattootaa




Kutaa 5

## Kitaaba Kana Haala Gaariin Qabachuun itti Fayyadami !!




**Kitaabni kun qabeenya keefi kan mana barnootaa keetii waan ta'eef, akka hinbanne yookiin hinciccinne haala gaariin qabadhu. Kana gochuuf immoo, qabxiilee armaan gadii hojiirra oolchi:**

1. Kitaabicha wantoota akka laastikii, gaazexaafi waraqaalee adda addaan gama-li/haguugi.
2. Yeroo hundaa kitaabicha bakka qulqulluufi gogaa kaa'i.
3. Yeroo kitaaba qabattu harka jiidhaafi xuraawaan hintuqin.
4. Kitaabicha irratti hinbarreessin.
5. Kitaabicha keessa dabtara yookaan kitaaba biroo hinkaa'iin.
6. Fuula kitaabichaa kamiyyuu keessaa kuttee hinbaasin.
7. Fuula cite yookaan tarsa'e kamiyyuu hapheessuun suphi.
8. Kitaabicha yeroo boorsaa (kaalixa) kee keessa kaawwattu of eeggannoon iddoo qabsiisi.
9. Kitaabicha yeroo namatti laattus ta'u yeroo keessu hindarbatiin.
10. Yeroo fuula kitaabaa garagalchitu roga isaa qabachuun garagalchi. Kun immoo, kunuunsa qola kitaabichaaf fayyada.

## Barreessitoota:

Danda'aa Boggaalaa

Kabbabush Lammeessaa

Lammii Beenyaa

## Gulaaltota:

Damee Tolinaa

Lubaabaa Jamaal

Taaddasaa Dinquu

## Madaaltota

Dhaqqaboo Guyyee

Dirribaa Maammoo

Ismaa'el Hasan

## Giraafiksii:

Taaddasaa Dinquu

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Asallaatiin bara 2013/2021 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e muraasaan maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


## BOQONNAA 1 hubannoo Artistawaa ..............1

1. Caacculee Og-aartiiwwanii ....................................................... 1

1.1 Caacculee Og-argaa ...................................................................... 2

1.2 Caacculee Muuziqaa..................................................................... 27

1.3. Caacculee Shubbisaa.................................................................. 38

1.4 Caacculee Bartaphee Tiyaatiraa. ................................................41

1.5. Tooftaalee Waraabbii Suur-Sagalee Salphaa ..........................51

## BOQONNAA 2 Dandeettii Kalaqaa ..............................59

2.1.Moggaasa Maqaa Sagaloota Muuziqaa ...................................60

2.2.Koolaajiifi Maxxansa Bilookii...................................................67

2.3. Uffannaafi Wantaa Fayyadamuun Tiyaatira Agarsiisuu...76

## BOQONNAA 3 Aadaafi Seena.....................................83

3.1.Akaakuuwwan Muuziqaa Aadaafi Shubbisaa ............................84

3.2.Akaakuuwwan og-argaa seenaa keessaa jiran.........................90

3.3. Himamsa Afoolaa.........................................................................94

## BOQONNAA 4 hawwannaa Og-Aartiiwwanii .....107

4.1 Wal Fakkeenyyaafi Garaagarummaa Yaadaa Og-Aartiiwwanitti

Fayyadamuun Ibsuu ........................................................................ 108

4.2 Ogummaa harkaafi Faayaa........................................................ 111

**BOQONNAA 5 HOJIIRRA OOLMAA OG-AARTIIWWANII ........... .......................118**

5. Hariiroo Og-Aartiiwwan Dhimmoota Biroo Waliin Qabu ...........118

5.1. Faaruufi Shubbisatti Fayyadamuun Dhimmoota Bilbiltuu Ta'aniif Hubannoo Uumuu........................................................119

5.2 Tiyaatiratti Fayyadamuun Dhimmoota Yeroo Waliin Walqabatan Barsiisuu. ........................................................... 122

5.3 Mallattooleefi Fakkoommii .................................................. 125

5.3. Mallattooleefi Fakkoomii ...................................................... 126

# Seensa Waliigala Kitaabichaa

Kutaa darbe keessatti qabiyyeewwan og-argaa, muuziqaafi tiyaatiraan wal qabatan barachaa turteetta. Sanumatti fufuun kutaa kana keessattis tokkoon tokkoo boqonnaa jalatti qabiyyeewwan garagraa ni baratta. Boqonnaa tokko jalatti hiikaafi akaakuu caacculee og-argaa, muuziqaa, shubbisaafi bartaphee nibaratta.

Boqonnaa lama jalatti immoo waa'ee moggaasa maqaa nootaaleefi kileefota muuziqaa, maalummaa maxxansaafi gahee uffanni tiyaatira qopheessuu keessatti qabu baratta.

Boqonnaa sadi keessatti akaakuuwwan muuziqaa aadaafi shubbisaa, hariiroo aadaafi og-argaa, iddoo ka'umsa og-argaa dhala namaa, maalummaa afoolaafi afoola tiyaatiraan ibsuun maal akka ta'e ni baratta.

Boqonnaa afur keesstti immoo faayaafi gatii hawaasni miidhaginaaf qabuufi seenaa ogummaa harkaa kan barattu yoo ta'u boqonnaa isa xumuraa keessatti immoo dhimmoota bilbiltuu kanneen akka balaa tiraafikaa, dhukkuboota daddarboo, wantoota sammuu namaa hadoochan og-argaa, muuziqaafi tiyaatiraan walqabsisuun baratta.

# BOQONNAA 1 HUBANNOO ARTISTAWAA

## 1. Caacculee Og-aartiiwwanii

### Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

**Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:**

- Caacculee bu'uuraa og-argaa adda nibaafatta.
- Hiika caacculee og-aartiiwwanii niqalbeeffatta.
- Hariiroo caacculee og-argaa gidduu jiru niraajeffatta.
- Caacculee Muuziqaa nihubatta.
- Caacculee shubbisaa nihubatta.
- Caacculee og-tiyaatiraa nihubatta.
- Maalummaa suur-sagalee nibaratta.
- Suur-sagalee gabaabaa niwaraabda.

### Seensa

Kutaa darbe keessatti akaakuuwwan caacculee og-aartiiwwanii keessaa muraasa isaanii barattee jirta. Akkasumas maalummaa tiyaatiraa yookaan diraamaa, og-argaafi muuziqaa hubattee jirta. Kutaa kanatti boqonnaa tokko keessatti immoo hiikaafi akaakuu caacculee og-argaa, bartaphee, shubbisaafi muuziqaa akkasumas, akaakuu caacculee

isaaniifi faayidaafi ergaa caacculeen kunniin qabaniifi dabarsan bal'inaan nibaratta.

## 1.1 Caacculee Og-argaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Hiika caacculee og-argaa nihimta.
- Akaakuuwwan caacculee og-argaa nitarreessita.
- Caacculee og-argaatti gargaaramuun wantoota sasalphaa ta'an hojjettee ni agarsiista.
- Faayidaa caacculeen og-argaa qaban nibsita.

**Marii 1**

**Gaaffilee asiin gadii dhuunfaan erga hojjettee booda, garee gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.**

1. Namoonni naannoo keessanitti mana jireenyaa ijaarachuuf maal maalitti fayyadamu?
2. Yoo meeshaalee isaan barbaachisu keessaa tokko yookiin lama hir'ate/hin guutamiin hafe akkam ta'a jettanii yaaddu?

Hojiin og- argaa tokko gurmaa'ina qabiyyeewwan ittiin ibsamu niqaba. Gurmaa'inni qabiyyeewwan akka galteetti tajaajilu kun immoo caacculee og-argaati.

Caacculee og-argaa jechuun hundeedhaan walitti dhufanii yookiin ijaaramanii kanneen hojii og-argaa tokko uuman jechuudha. Kanaaf, uumama hojii og-argaa tokkoof ka'umsi caacculee og-argaati. Akkuma dhalli namaa oksijinii malee jiraachuu hin dandeenye hojiin og-argaa tokko caacculee og-argaa malee uumamuu hin danda'u. Caacculeen og-argaa torbatu jiru. Isaanis:

1. Sarara
2. Boca
3. Foormii
4. Halluu
5. Bakka
6. Sookkisaafi
7. Vaaliyuudha.

### 1.1.1. Sarara

**Marii 2**

Gaaffilee asiin gadii dhuunfaadhaan erga hojjetteen booda deebii kee barataa/tuu sicinaa jiru/tu waliin irratti mari'achuudhaan dareef gabaasi.

1. Qubeewwan yookiin Lakkoofsota maalirraa uumna? Sararri maali?
2. Akaakuuwwan sararaa meeqa tarreessuu dandeessa? Isaanoo eenyufaadha?
3. Sararri qubeewwaniifi lakkoofsota ittiin barreessuun alatti faayidaa maalii qaba?

Caacculee bu'uuraa og-argaa keessaa tokko sarara. Sararri qindoomina tuqaalee irraa kan ijaaramu ta'ee, qaama yookiin daangaa boca tokkoo kan agarsiisuufi daangessudha. Sarara jechuun qaamaafi daangaa qaama

wantoota nam-tolcheefi uumamaa ta'an hunda irratti kan argamudha.

Sararri hojii og-argaa yookiin saxaxaa keessatti ga'ee guddaa qaba. Akkasumas sararoonni fakkii fakkeessuu keessatti boca, kallattii, sochii ilaalchaa, akaakuu, amalaafi hiika mataa isaanii akka qabaatan gochuufi jijjiiruus nidanda'a. Wantoota naannoo keetti ijaan agartu hunduu sararootaan bakka bu'anii ibsamuu nidanda'u.

## A. Akaakuuwwan Sararaa


Akaakuu fakkii, qubeefi lakkoofsaa kamiyyuu uumuun dura akaakuuwwaniifi amaloota sararaa addaan baasuun barbaachisaadha. Akaakuuwwan sararaa sagaltu jiru. Isaanis:

1. Sarara Dhaabbataa
2. Sarara Dalgee
3. Sarara Shaffaxaa
4. Sarara Dambali'aa
5. Sarara Jajal'aa
6. Sarara Mammaramaa
7. Sarara Geengoo
8. Sarara Molooloofi
9. Sarara Golboodha.

### 1. Sarara Dhaabbataa

Sararri dhaabbataan kallattii gubbaa gara gadii yookiin immoo jalaa gara gubbaa kan sararamu ta'ee, fakkii fakkeessuu keessatti wanta of danda'ee madaala isaa eegee dhaabbatee jiru tokko kan agarsiisudha.


Fakkeenyaaf, biqiltuun fageenya irraa mul'atu tokko hundeefi dameewwan qabaachuu nimala. Garuu, yoo ijaan hubannee ilaallu sarara dhaabbataa waliin wal fakkeenya qaba.



Fakkii 1:1. Fakkii fakkeenya sarara dhaabbataa agarsiisu.

## 2. Sarara Dalgee

Sararri dalgeen immoo kallattii bahaa gara kallattii dhihaatti yookiin immoo kallattii dhihaa gara kallattii bahaatti (kallattii bitaa irraa gara kallattii mirgaatti yookiin kallattii mirgaa irraa gara kallattii bitaatti) kan sararamu ta'ee, fakkii fakkeessu keessatti wanta diriiree ciisee jiru tokko kan agarsiisudha.




Fakkii 1:2. Fakkii fakkeenya sarara dalgee agarsiisu.

## 3. Sarara Shaffaxaa



Sararri shaffaxaa yeroo hundaa kallattii bitaatti yookiin kallattii Mirgaatti hirkatee sararama. Kana jechuun sararri shaffaxaa akka sarara dhaabbataa guutummaa guutuutti of danda'ee hin dhaabbatu yookiin immoo akka sarara dalgee guutummaa guutuutti diriiree kan ciise miti jechuudha.

Faayidaan sarara shaffaxaa fakkii fakkeessuu keessatti wantoota sochii ariifachiisaa irra jiran ittiin fakkeessuuf fayyada. Fakeenyaaf: Nama fiigicharra jiru, bokkaa qilleensa keessa roobuufi kan kana fakkaatan ittiin fakkeessuuf fayyada.




Fakkii 1:3. Fakkii sarara shaffaxaa agarsiisu.

## 4. Sarara Dambali'aa



Sararri dambali'aa sarara kofa hin qabne ta'ee, kallattii hundumaatti sararamuu kan danda'udha. Faayidaan sarara dambali'aa fakkii fakkeessuu keessatti wantoota sochii dambali'aa agarsiisan kanneen akka yaa'a bishaanii, labooba abiddaa, daandii

konkolaataa, gaarreen (lafa tabbaa wal qabataa ta'e) ittiin fakkeessuuf fayyada.



Fakkii 1:4. Fakkii sarara dambali'aa agarsiis



## 4. Sarara Jajal'aa

Sararri jajal'aan immoo sarara kofa qabu ta'ee kallattii hundumaatti sararamuu kan danda'udha. Sarara jajal'aa sarara dambali'aa irraa kan adda taasisu, sararri jajal'aan kofa safaramuu danda'u qabaachuu isaati.


Sararri jajal'aan fakkii fakkeessuu keessatti wanta cabe yookiin baqaqee jiru tokko agarsiisuuf fayyada. Fakkeenyaa, Qaruura gar-tokkoon cabe, haamtuu ilkaan qabuufi kan kana fakkaatan ittiin fakkeessuuf gargaara.



Fakkii 1:5. Fakkii sarara jajal'aa agarsiisu.

## 6. Sarara Mammaramaa

Sararri mammaramaanis sarara tuqaa tokko irraa ka'ee osoo walirraa hin citiin mammaramaa adeemee tuqaa irraa ka'etti sarara hin deebinedha. Sararri mammaramaanis fakkii fakkeessuu keessatti meeshaalee mana keessaa kanneen akka gundoofi Raammolee lafarra loo'an kanneen akka Bofaa, Raammoolee xixiqqoofi kan kana fakkaatan yeroo maraman ittiin agarsiisuuf fayyada.




Fakkii 1:6. Fakkii sarara mammaramaa agarsiisu.

## 7. Sarara Geengoo

Sararri geengoon sarara tuqaa irraa ka'etti naanna'ee deebi'udha. Sararri geengoon handhuura irraa kallattii hundatti wal qixadha. Sararri geengoo sarara mammaramaa irraa adda kan isa taasisu, sararri geengoon tuqaa irraa ka'etti deebi'uu isaati.

Sararri geengoon fakkii fakkeessuu keessatti wantoota boca geengoo qaban kanneen akka Kubbaa, Gaachanaa, Gommaa konkolaataa, Kuduraaleefi Fuduraalee boca geengoo qaban ittiin fakkeessuuf gargaara.





Fakkii 1:7. Fakkii sarara geengoo agarsiisu

## 8. Sarara Molooloo/ Luffee

Sararri molooloo akkuma sarara geengoo tuqaa irraa ka'etti naanna'ee sarara deebi'udha. Garuu sararri molooloo handhuura irraa kallattii hundatti wal qixa miti.


Sararri molooloo fakkii fakkeessuu keessatti wantoota boca luffee qaban kanneen akka fuula namaa, ija namaafi kan kana fakkaatan agarsiisuuf fayyada.




Fakkii 1:8. Fakkii sarara molooloo agarsiisu

## 9. Sarara Golboo

Sararri golboo akaakuu sararaa kallattii hundatti golbatee sararamuu danda'udha. Sararri golboo fakkii fakkeessuu keessatti fakkii kan akka addeessaa (ji'aa) jalqaba baatee mul'attu, qara haamtuufi kan kana fakkaatan fakkeessuuf nigargaara.



Fakkii 1:9. Fakkii sarara golboo agarsiisu

## Shaakala 1

1. Harka kee bilisa taasisuudhaan waraqaa adii irratti sararoota asiin olitti baratte irra deddeebi'ii shaakali. Sararoonni kun kallattii, boca, furdina, qal'ina garagaraa waan qabaniif yeroo shaakaltu harka kee kallattii hundaanuu madaqsuun sirraa eegama.
2. Erga sararoota kana sirriitti shaakaltee booda sararootatti fayyadamuun boca barbaadde fakkeessi agarsiisi.

### 1.1.2. Boca


**Gocha.1**

Fakkii abaaboo yookiin manaa kaastee beektaa? Yoo kaastee kan beektu ta'e, maal gargaaramuun kaaste? Yeroo xiqqoo fudhadhuutii itti yaadi.

Bocni caacculee og-argaa keessaa isa tokko ta'ee, yommuu sararoonni akaakuu garagaraa walitti qindaa'an kan uumamu jechuudha. Kunis hojjaafi dheerina qofa kan qabaniifi sadarkaa fakkii qofatti kan mul'atanidha. Harkaan tuqamuu yookiin lafaa ol kaafamuu kan hindandeenyeedha. Waraqaa yookiin gabatee gurraacha irratti yoo kaasaman ijatti nutti mul'atu malee, harkaan ol kaasuu hin dandeenyu. Sararoonni akaakuu garagaraa qaban walitti qindaa'anii boca wanta tokkoo agarsiisuu nidanda'u. Bocni sararootaan qofa wanta diriiraa tokkorratti hojjetamu amala diriiraa yookiin fuula lama qabaachuu isaatiin beekama. Kana jechuun wanta sarara qofaan hojjetame sana wanta irratti hojjetame sana irraa addaan baafachuuf nugargaara.

Gara biraatiin immoo bocni sararaan hojjetamu daangaa waan hojjetame sanaa agarsiisuuf nufayyada. Wantoonni boca ta'an hundi isaanii kan of danda'anii dhaabbachuu hindandeenye kanneen akka fakkiiwwan adda addaa, giraafiiwwan gara garaafi kan kana fakkaatanidha.

Wantoonni naannoo keenyatti ijaan agarru hedduun isaanii boca bu'uura kan qabanidha. Fakkeenyaaf boca bu'uuraa keessaa geengoo yoo fudhanne aduu yookiin ji'a goobane waliin wal fakkaatu. Boca bu'uuraa jedhamuun kan beekaman kan akka rog-sadee, iskuweerii, rektaangilii, roomboosii, tiraapiiziyeemii geengoofi kan kana fakkaatanidha.




Fakkii 1:10. Fakkii bocawwan bu'uuraa agarsiisu

**Gocha 2**

Fakkii bocawwan asiin olii sirriitti erga ilaalteen booda:

1. Tokkoon tokkoon isaanii akaakuu sararaa akkamiirraafi sarara meeqarraa akka hojjetaman garee gareen irratti mari'adhaatii dareef dhiyeessa.
2. Erga mari'attanii dhiyeessitaniin booda dhuunfaa dhuunfaadhaan fakkeessaa hojjedhaa.
3. Akaakuu bocawwan asiin olii fayyadamuun fakkii/ boca barbaadde hojjedhu.


## 1.1.3. Foormii

**Gocha 3**

Kaartoonii, mukaa, dhoqqeefi kan kana fakkaatan irraa mana yookiin konkolaataa hojjettee beektaa? Akkasumas, Kubbaa miilaa taphattee yookiin ijaan agartee beektaa? Maal akka fakkaatan yeroo xiqqoof itti yaadimee.

Foormiin caacculee og-argaa keessaa isa tokko ta'ee, yommuu bocawwan garagaraa walitti qindaa'an kan uumamu jechuudha. Kunis hojjaa, dheerinaafi dalgee kan qabaniifi qaama fiizikaalaa qabaatanii mul'achuu akkasumas, harkaan qabamuu yookiin lafaa ol kaafamuu kan danda'anidha. Wantoota foormii ta'an hunda kallattii adda addaan itti naannofnee ilaaluufi kallattii maraan daawwachuu nidandeenya.


Fakkeenya foormiiwwan bu'uuraa kan jedhaman kanneen akka: Koonii, Kiyuubii, Siliindarii, Giloobii/ Isfiirii, Piraamidiifi kan kana fakkaatan maqaa dhahuu nidandeenya. Kanaafuu, foormiin of danda'ee kan dhaabbatuufi kallattii maraan kan ilaalamuudha.




Fakkii 1:11. Fakkii garaagarummaa Bocaafi Foormii agarsiisu

## Shaakala 2

1. Fakkii foormiiwwan asiin gadii sirriitti erga ilaalteen booda tokko tokkoon fakkeessii hojjedhu.



## 1.1.4. Halluu

### Gocha 4

Halluu yookiin bifa wantoota naannoo keetti argamanii qalbeeffattee ilaaltee beektaa? Yoo kan beektu ta'e, halluuwwan naannoo keetti beektu tarreessi?

Jechi halluu jedhu maqaa waliigalaa kan halluu maraaf dhaabbatu/ bakka bu'u/ ta'ee, halluu jechuun bifa wantootaa yeroo carallaan/ xiyyi/ ifaa qaamolee wantootaa irra qubatu kan uumamudha. Wantoonni addunyaa irratti argaman kan uumamaafi nam-tolchee ta'an halluu / bifa/ garagaraatiin kan miidhaganidha.

Uumamni addunyaa kana irra jiru wantoota halluu bifa kumaatamaan lakkaawwamuun guutamee jira. Lafti biqiltoota abaaboo adda addaa qabaniifi biyyeen waan uwwifamtee jirtuuf fageenyaafi dhiyeenyaan yoo ilaallu halluu adda addaatu mul'ata. Bakka biqiltoonni abaaboo magariisa qabanitti bifa magariisa, bakka abaaboon keelloon jirutti immoo bifa keelloofi bakka biyyeen diimaafi gurraachi argamutti immoo diimatteefi gurraachoftee mul'atti.

Kana malees, ifaafi gaaddisni bakka itti mul'atus nijira. Kanaaf lafti teessumaan wal qabatee halluufi boca adda addaa waan qabduuf yommuu daawwatan nama hawwata. Wantoonni halluu qaban hundi miidhagina adda addaa qabaatu. Kanaaf wantoota naannoo keenyatti argaman irra caalaa kan addaan baasnu bifa isaaniitiin jechuudha. Halluun hojii og-argaa keessatti wanta bareeda ta'e tokko hojjechuuf iddoo guddaa qaba. Wantoota kana fakkii yookiin saxaxa halluuwwan garagaraatti fayyadamuun yoo hojjennu qabxiileen hubatamuu qaban akka asiin gadiitti ibsamaniiru.

## A. Argama Halluuwwanii

Halluuwwan argama isaanii irratti hundaa'uun bakka gurguddaa lamatti qoodamu. Isaanis:

1. Halluuwwan Ifa aduu/uumamaafi
2. Halluuwwan nam-tolcheedha.


Halluuwwan ifa aduu/uumamaa kan jedhaman halluuwwan akkuma maqaa isaanii irraa hubatamuu danda'utti halluuwwan carallaa/xiyya ifaarraa kallattiin argaman, kan namni harka isaan walitti makee/ ida'ee hin arganne jechuudha. Sadarkaa keessan kanatti waa'ee halluuwwan xiyya ifaa kanuma qofa yoo ilaaltan ga'aa ta'a. Garuu halluuwwan nam-tolchee jechuun kan namni wantoota naannoo isaatti argaman kanneen akka baala biqilootaa, daraaraa biqilootaa, ija biqilootaa, hidda biqiltootaa, cilee, daaraa, biyyeefi kan kana fakkaatan irraa walitti makee argatu jechuudha. Halluuwwan nam-tolcheen makamanii kanneen argamaniifi wantoota garagaraa irratti dibamuu kan danda'an jechuudha. Halluuwwan nam-tolcheen sadarkaa sadiitti qoodamu. Isaanis:

1. Halluu sadarkaa tokkoffaa
2. Halluu sadarkaa lammaaffaafi
3. Halluu sadarkaa sadaffaadha.

### 1. Halluuwwan Sadarkaa Tokkoffaa

Halluuwwan sadarkaa tokkoffaa halluuwwan haadhoo/bu'uuraa jedhamanii beekamu. Halluuwwan kumaatamaan lakkaawwamaniifi akaakuu garagaraa qabaatanii nutti mul'atan halluuwwan bu'uuraa dibaaf oolan sadan walitti makuun halluu akaakuu biroo uumuun nidanda'ama. Halluuwwan bu'uuraa jedhamanii kan beekaman sadan kunis:

- Diimaa
- Keelloofi
- Cuquliisadha.




Fakkii 1:12. Fakkii marsaa halluu sadarkaa tokkoffaa agarsiisu

Halluuwwan bu'uuraa kun kallattumaan wantoota uumamaan jiran irraa argamu malee haalluu akaakuu kan biroo walitti makamanii/ ida'amanii kan argaman miti.

Garuu halluuwwan bu'uuraa kana haala adda addaatiin walitti makuun halluu bifa biroo argachuun nidanda'ama. Kunis, kan ta'uu danda'u halluuwwan haala walqixxee ta'eefii haala walcaaluun yoo walitti makaman halluu adda ta'e kennu.

## Shaakala 3

Fakkii marsaa halluuwwan sadarkaa tokkoffaa asiin olii sirriitti erga ilaalteen booda fakkeessii kaasii, halluu naannoo keetti argachuu dandeessu dibuun hojjedhu. Erga hojjetteen booda dareef dhiyeessi. Hojii kee irratti yaada ijaarsaa barattootaafi barsiisaa/tuun siif kennaman sirriitti caqasii hubadhu.

## 2. Halluuwwan Sadarkaa Lammaffaa

Halluuwwan bu'uuraa lamaan isaanii dabaree dabareedhaan hanga walqixa (persentii shantama shantama) ta'een yoo walitti makaman halluun argamu halluu sadarkaa lammaffaa jedhama. Halluuwwan sadarkaa lammaffaan lakkoofsaan sadiidha. Isaanis:

- Burtukaana
- Magariisaafi
- Dhiilgeedha.



Fakkii 1:13. Fakkii marsaa halluu sadarkaa lammaffaa agarsiisu

Akkaataan argama halluuwwan sadarkaa lammaffaa akka asiin gadiiti:

- Diimaa + Keelloo = Burtukaana
- Diimaa + Cuquliisa = Dhiilgee/vaayoleetii
- Keelloo + Cuquliisa = Magariisa


### Shaakala 4

Akkaataa argama halluuwwan sadarkaa lamaffaa asiin olitti baratte irratti hundaa'uun, halluuwwan sadarkaa tokkoffaa lama dabaree dabaree persentii shantama shantamaan ofiikee walitti makiitii halluu inni uumu adda baasi? Bu'aa walitti makinsakee immoo, fakkii marsaa halluuwwan sadarkaa lammaffaa asiin olii sirriitti ilaaliitii ittiin fakkeessi.

# 3. Halluu Sadarkaa Sadaffaa

Halluu bu'uuraa tokkoofi halluu sadarkaa lammaffaa tokko dabaree dabareen hanga walqixa ta'een yeroo walitti makaman halluuwwan sadarkaa sadaffaa uumu.

Halluuwwan sadarkaa sadaffaa ja'atu jiru. Isaanis:




- Diimaa- burtukaanaa
- Diimaa- dhiilgee
- Keelloo- burtukaanaa
- Keelloo- magariisaa
- Cuquliisa- dhiilgeefi
- Cuquliisa- magariisaadha.

Fakkii 1:14. Fakkii marsaa halluu sadarkaa sadaffaa agarsiisu

Akkaataan walitti makama halluuwwan sadarkaa sadaffaa akka asiin gadiiti:

- Diimaa + Dhiilgee= Diimaa- dhiilgee
- Diimaa + Burtukaana = Diimaa- burtukaanaa
- Keelloo + Burtukaana = Keelloo- burtukaanaa
- Keelloo + Magariisa = Keelloo- magariisaa
- Cuquliisa + dhiilgee = Cuquliisa- dhiilgee
- Cuquliisa + Magariisa = Cuquliisa- magariisaa

Hub: Maqaan moggaasa halluuwwan sadarkaa sadaffaa maqaa isaanii kan argatan halluu bu'uuraa / haadhootu jalqaba dhufuu qaba, sababnii isaas halluu sadarkaa sadaffaa keessatti hammii halluu haadhoo irra waan caaluuf maqaa irraa fudhata.

## Shaakala 5

Akkuma asiin olitti baratte, halluuwwan sadarakaa tokkooffaa lama dabaree dabareedhaan hanga walcaaluun walitti makiitii, erga walitti makteen booda bu'aa walitti makiinsa kee ilaali. Fakkii marsaa halluuwwan sadarkaa sadaffaa asiin olii sirriitti ilaaliitii fakkeessii hojjedhu.

## 1.1.5. Bakka

## Shaakala.6

Harka kee waraqaa irra kaa'uun, akkuma harka kee waraqaa irra keessetti itti naannessuun qubeessaadhaan kaasi/fakkeessi. Erga fakkeessiteen booda bakka fakkii harka kee qubeessaadhaan gurraacheessi.

Bakki caacculee og-argaa keessaa isa tokko ta'ee haala safarriifi wal irraa fageenya wantoota hojjetaman gidduu jiru yookiin bakka waan tokkoon qabamu jechuudha. Bakki waan tokkoo gadi fageenya kan qabuufi gadi fageenya kan hinqabne ta'ee mul'achuu nidanda'a. Akkasumas, bal'ina naannawaa bocawwaniifi foormiiwwan gidduu jirudha.

## 1.1.6. Sookkisa

### Marii 3

1. Wantoota naannoo keessanitti argaman akkaataa lallaafinaafi jajjabina/quqquuqa isaaniin qooduun garee gareen irratti mari'adhaa. Wantoonni yoo ijaan ilaalaman yookiin harkaan tuttuqaman/ qaqqabaman/ uumamaanis ta'e nam-tolcheen

dhaan amala jajjabinaafi lallaafina niqabu. Innii kun immoo, qulqullina qaamiichi yookiin danaan qaamoota of-irraa qaban kan agarsiisuudha. Wanta ijaan ilaallee amala isaa beekne sana immoo fakkiidhaan sararootatti gargaaramuun bakka buusuu nidandeenya. Wanta fakkeefame tokko amala inni uumamaan qabu sana faana walitti firoomsinee addaan baafachuu qabna. Kana ta'uu baannaan wanti fakkeeffamuuf yaalame sun nama daawwatuuf sirriitti ifa hinta'u. Gabaabumatti sookkisa jechuun jajjabaachuufi lallaafuu qaamolee wantootaa jechuudha.

### A. Argama Sookkisaa

Sookkisa wantoota adda baafachuun kan danda'amuu ijaan ilaaluufi harkaan qaqqabuun yeroo ta'uu, argamnii isaa immoo uummamaniifi karaa nam-tolcheedhaani. Kanaaf, Sookkisa bifa lamaan addaan baafannee ilaaluu nidandeenya. Isaanis:


1. Sookkisa ijaan qofa ilaaluun addaan baafamu: Sookkisni kun sookkisa qaamolee wantoota qaama wal qixxaataa ta'anii ijaan qofa ilaaluun addaan baafamanidha. Kunis: sarara, vaaliyuu, boca, halluufi kan kana fakkaatan ilaaluun kanneen addaan baafaman kan akka suuraafi wixinee fudhachuun nidanda'ama. Fakkeenya fakkii asiin gaditti kenname ilaali.



Fakkii 1:15. Fakkii sookkisa qaamolee wantootaa qaama walqixxaataa qabanii agarsiisu.

2. Sookkisni ijaan ilaalamee harkaanis tuxxuqamee addaan baafamu, sookkisa qaamolee wantoota qaama jajjaboo qaban kanneen ijattis mul'atan, akkasumas harkaanis tuxxuqamuun addaan baafamuu danda'an irratti kan mul'atudha.


Kunis wantoota qaamolee quqquuqaafi mummuraa ta'an irratti mul'ata jechuudha. Fakkeenyaaf, dhagaa, jirma mukaafi kan kana fakkaatan irratti sookkisni argaman ijaanis nimul'atu, akkasumas harkaan yoo qaqqabne yookiin tuxxuqne addaan baasuu nidandeenya.



Fakkii 1;16. Fakkii sookkisa qaama jirma mukaa irratti argamu kan agarsiisu.

## Shaakala .7

Sarara asiin gadii ilaaliitii, sookkisa mataa keetii sararatti dhimma bahuun hojjedhu.



## 1.1.7. Vaaliyuu Iskeelii

### Marii 4

Garaagarummaa ifaa, dimimmisaafi dukkana fakkii asiin gadii irratti mul'atu adda baasuun himi.



Fakkii 1;17. vaaliyuu qaama isfeerii irratti argamu

Vaaliyuu jechuun hojii og-argaa yookiin wixinee hojjetamu keessatti ifummaa, dimiimisummaafi dukkanummaa waan tokkoo kan agarsiisudha.

Vaaliyuu Iskeeliin garuu addeenyummaa irraa gara gurraachummaa yookaan gurraachummaa irraa gara addeenyummaa halluu tokkoo kan agarsiisuudha. Kunis, ogummaa diba halluu keessatti addaachaa adeemuu yookiin gurraacha'aa (dukkanaa'aa) adeemuu halluu tokkoo kan agarsiisudha.

## Shaakala. 8

Shaakala kana tartiiba isaa hordofuun hojjedhu. Duraan dursiitii reektaangilii tokko dheerinaan qopheessii bakka sagalitti walqixa hiri. Itti aansuun bakka isa jalqabaa keessatti gurraacha sadarkaa tokkoffaa yeroo dibdu, sararoota yabbisuufi walitti butuun gurraachessita. Bakka duwwaa itti aanuttimmoo xiqqoo walirraa butuufi haphisuun dibda. Haaluma kanaan hanga sadarkaa saddeetiitti hir'isaa erga adeemtee booda isa dhumaa adii qulqulluu dhiiftaa.



Gurraachaa (Dukkanaa) gara Adiittii(Ifaatti)



Adii (Ifaa) gara Gurraachaatti (Dukkanaatti)

Fakkii 1:18. Fakkii Vaaliyuu Iskeelii Saglan agarsiisu

## Shaakala 9

Tartiiba Shaakala 8 irra jiru hordofuufi yaadachuun fakkii asiin gadii ifaafi gaaddisa isaa eeguun fakkeessii hojjedhu.



Walumaagalatti, hojii og-argaa tokko raawwachuufis ta'e, wanti hojjetame hiika akka qabaatu kan taasisan caacculee isaaniiti. Kanaaf, hojii kana milkeessuuf akaakuufi amala caacculee og-aartiiwwanii beekuun dirqama ta'a.

## 1.2 Caacculee Muuziqaa

### Gaaffii hubannoo

Sirbi dhaggeefannu tokko wantoota bu'uuraa inni of keessaa qabu maalfaadha? Irratti mari'adhaatii dareef ibsaa.

### Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Wa'ee caacculee bu'uuraa muuziqaa ni ibsita.
- Dameewwan caacculee muuziqaa nitarreessita.
- Hariiroo isaan waliin qaban ni ibsita.

### Gocha 5.

1. **Caacculee muuziqaan of keessaa qabu irratti mari'adhaatii dareef ibsaa.**

Muuziqaan afaan addunyaa walii galaa ta'ee, barnoota saayinsii mataa isaa danda'e qabuudha. Akkuma nyaanni tokko nyaata mi'aawaa ta'ee dhihaachuuf mi'eessituun garagaraa walitti dabalamee qophaa'u muuziqaanis dhamdhama gaarii horachuuf caacculeen garagaraa walitti qindeeffamanii dalagamu. Caacculeen muuziqaa beekamoon:

- Rukuttaa/Ritimii
- Yeedaloo
- Tuuta sagaleewwanii /Harmanii
- Saffisa adeemsa muuziqaa/Teempoo
- Sagalee/Piichii

☞ Hanga guddinaafi xiqqeenya sagalee/Daayinaamiksii

☞ Foormiifi ijaarsa garagaraa kan of keessatti hammateedha.

## A. Rukuttaa (Ritimii)

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Rukuttaan/Ritimiin maal akka ta'e ni ibsita.
- Akaakuuwwan rukuttaa/ritimii adda nibaafatta.
- Rukuttaa/Ritimii garagaraa nitaphatta.

**Gaaffiiwwan Hubannoo**

a. Ritimiin/rukuttaan muuziqaa keessatti maal bakka bu'a?

b. Ritimiin/rukuttaan muuziqaa qindeessuu keessatti faayidaa akkamii qaba?

c. Qabiyyeewwan ritimii/rukuttaa maalfaadha?

Ritimii jechuun, rukuttaalee yeroofi ariitii wal-qixa ta'een itti fuufinsaan yookiin, irra deddebiin taphatamuun dhaga'amaniidha. Haalli uumama ritimii seera uumamaa wajjiin hedduu walitti dhufeenya kan qabuudha.

Fakkeenyaaf: dhahannaa/dhikkisa onnee; deemsa miilaa, guluffii fardaafi, kanneen kana fakkaatan waliin hidhata akka qabu amanama. Ritimii gocha ykn sochii yeroo waliin godhamu ta'ee akka yaad-rimeen muuziqaa ibsutti nootawwaniifi boqonnaawwan turtii yeroo keessatti deddeebi'uun kan raawwatamuudha. Walduraa duubaan dhagayamuun

sagaleewwanii/nootaaleefi boqonnaalee, kun immoo ritimii yaa'insa sirna qabeessa ta'e akka dhaga'amu godha. Dabalataan ritimiin muuziqaa, nootaaleeniifi boqonnaaleen turtii hagamiifi akkaataa kamiin akka taphataman argisiisa.

Ritimiin caacculee muuziqaa keessaa isa wiirtuudha. Kana jechuun caacculee muuziqaa kan biroo walitti hidhuufi qindeessuu keessatti ritimiin shoora ol'aanaa qaba.

Ritimiin qabiyyeewwan garagaraa of keessaa qaba. Isaanis:

## 1. Mallattoo Agarsiisa Yeroo

Mallattoon agarsiisa yeroo, kan nootaaleefi boqonnaaleen ittiin shallagamanii qindaa'aniidha. Innis gabatee muuziqaa/sarara ritimiin irratti barraa'u gara jalqabaarratti kan kaa'amu ta'ee, baay'inaafi akaakuu rukuttaa sarara qoodduu tokko keessatti argamu kan argisiisuudha. Akkasumas, lakkoofsa lamaan kan bakka bu'u ta'ee, irraafi jalatti haala ($^{a}_{b}$)n kan barreeffamuudha.

Lakkoofsi gubbaarratti barraa'u, baay'ina rukuttaalee sarara qoodduu tokko keessa jiranii yoo agarsiisu, inni jalaa ammoo akaakuu nootaa sarara qoodduu sana keessa jiruu agarsiisa. Mallattoon agarsiisa yeroo irra caalaatti beekamoo ta'anis:

$^{2}_{2}$, $^{2}_{4}$, $^{3}_{4}$, $^{4}_{4}$, $^{6}_{8}$, fi kkf...dha.

Gabatee muuziqaa asiin gadii irraa hubachuun akkuma danda'amutti, mallattoo agarsiisa yeroo $^{2}_{4}$, $^{3}_{4}$, $^{4}_{4}$ fi $^{6}_{8}$, ta'uu isaa argisiisu.

### Fakkeenyaaf:

1.



Innis, akaakuun nootaa nuusaa lama qoodduu tokko keessa taa'uu ykn gatiin isaanii yeroo shallagamu gatii nootaa nuusaa lamaan walqixa kan ta'e qoodduu tokko keessatti taphatamuu isaa nuhubachiisa.

2.



3.



4.



## 2. Meetirii

Meetirri muuziqaa keessatti rukuttaa meeqatu yeroo murtaa'aa tokko keessatti akka raawwatu kan ibsuudha.

### Gocha 6

1. Rukuttaan maal akka ta'e adda baasuun daree keef ibsi.
2. Rukuttaan maal maal of keessaa akka qabu adda baasii tarreessi.
3. Qabiyyeewwan rukuttaa kan biroo mana kitaabaa naannoo kee jirutti ykn Intarneeta fayyadamuun adda baafadhuu dareef ibsi.

## B. Hanga guddinaafi xiqqeenya sagalee muuziqaa/ Daayinaamiksii/

### Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Waa'ee daayinaamiksii adda baastee ni ibsita.
- Mallattooleefi sararoota daayinaamiksii addaan baastee ni agarsiista.
- Faayidaa daayinaamiksii ni ibsita.

### Gaaffii Hubannoo

1. Olka'iinsaafi gadi bu'iinsa (hanga guddinaafi xiqqeenya) sagalee muuziqaa maaliin gargar baasta?
2. Faayidaan guddinniifi xiqqeenyi sagalee muuziqaa keessatti qabu maali?

Daayinaamiksiin olka'iinsaafi gadi bu'iinsa sagalee yookaan immoo guddinaafi xiqqeenya sagalee kan agarsiisuudha. Haala uumamuu sagalee irratti hundaa'uun daayinaamiksiin bakka lamatti qoodama. Isaanis:

- Daayinaamiksii dhaabbataafi
- Daayinaamiksii jijjiiramaadha.

### 1. Daayinaamiksii Dhaabbataa

Daayinaamiksii dhaabbataan sagalee murtaa'aa (walfakkaataa) ta'een muuziqaa akka taphannu kan taasisuudha.

Fakkeenyaaf, osoo sagalee ol hinkaasiin ykn gadi hinxiqqeessin akkuma isa jalqabaatti itti fufuun taphachuudha. Daayinaamiksii yeroo barreessinu yeroo baay'ee mallattooleefi gabateetti fayyadamna.


| *Mallattoo* | *Maqaa* | *Hiikaa* |
|---|---|---|
| **PP** | Piyaaniisimoo (Pianissimo) | Sagalee baay'ee laafaa/xiqqaa |
| **P** | Piyaanoo (Piano) | Sagalee laafaa/xiqqaa |
| **Mp** | Meezoo piyaanoo | Sagalee giddu – galeessa laafaa/ xiqqaa |
| **Mf** | Meezoo foortee | Sagalee giddu – galeessa ol-ka'aa/ guddaa |
| **F** | Fortee | Sagalee ol-ka'aa/guddaa |
| **Ff** | Fortiisimoo (Fortissimo) | Sagalee baay'ee ol–ka'aa/guddaa |


## 2. Daayinaamiksii Jijjiiramaa

Daayinaamiksii jijjiiramaan sagalee muuziqaa haala wal fakkaaturra kan hinturre ta'ee, suuta suutaan, ariitiin ykn akka tasaa dabalaa (crescendo) fi hir'achaa/xiqqaachaa (decrescendo) deemuu isaa kan agarsiisuudha.

Fakkeenyaaf:



 - Mallattoo sagaleen suuta cimaa/guddachaa deemuu isaa argisiisu.

-Mallattoo sagaleen suuta hir'achaa/xiqqaachaa deemuu isaa argisiisu.

## Gocha 7

1. Yeedaloo asiin gadii keessatti nootaa kamtu hundarra sagalee daayinaamiksiin isaa olka'aa/guddaa dhageessisa?




Muuziqaan dhageenyu tokko yeroo sagalee baay'ee olka'aa/guddaa ta'een dalagamuufi sagalee gadi bu'aa/xiqqaa ta'een dalagamu miirri nukeessatti uumamu walii faallaadha. Fakkeenyaaf, muuziqaan daayinaamiksii/sagalee olka'aa ofkeessaa qabu, si'aayinaan akka muuziqaa sana hordofnu kan nu taasisu yoo ta'u, muuziqaan daayinaamiksii gadi bu'aa qabu garuu, akka miira tasgabbii qabuun hordofnu nutaasisa. Dabalataanis daayinaamiksiin muuziqaan taphatamu tokko akka:

- ☞ Dhandhamni mi'aawaan gurratti akka dhaga'amu taasisa.
- ☞ Namoonni muuziqaadhaaf xiyyeeffannaa akka kennan taasisa.

## C. Saffisa Adeemsa Muuziqaa/Teempoo/

### Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Teempoon/saffisni adeemsa muuziqaa maal akka ta'e ni ibsita.
- Fakkeenya teempoo nitarreessita.
- Saffisa muuziqaa garagaraatiin shubbisa nidhiyeessita.

Teempoon saffisa muuziqaa yookiin baay'ina rukuttaa yeroo murtaa'aa tokko keessatti raawwatu kan agarsiisuudha.

**Fakkeenyaa:**

- ***Alleegroon:*** Muuziqaa ariitiidhaan taphatamu agarsiisa;
- ***Andaantee***: Haala saffisa giddu-galeessa muuziqaan sun ittiin adeemu agarsiisa;
- ***Adaajoon:*** (lento) immoo muuziqaa suuta taphatamu kan agarsiisuudha.

## Gocha 8

1. Teempoon maal akka ta'e fakkeenya faaruu/weedduu tokko fudhachuun ibsi.

## D. Yeedaloo

### Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Yeedaloon maal akka ta'e nihimta.
- Yeedaloon piichiifi turtii yeroo waaliin walitti dhufeenya inni qabu addaan baastee ni ibsita.
- Seera daayinaamiksii eeguun faaruu tokko nifaarsita.

### Gaaffiiwwan hubannoo

1. Yeedaloon maali?
2. Muuziqaan maaliin qindaa'aa? Ibsa isaa fakkeenyaan agarsiisi.

Yaad-hiddama muuziqaa keessatti, iskeeliin muuziqaa olka'iinsaafi gadi bu'iinsa sagalee (piichii) ibsuuf isa bu'uuraati. Olka'iinsiifi gadi bu'iinsi sagalee iskeelii keessatti uumamu/taphatamu immoo, ijaarama yeedaloo sirrii uumuuf nutajaajila. Meejar iskeeliin muuziqaa hundumtuu hariiroo kallattii (relative minor) ofiisaanii qabu. Kana jechuun, meejariifi maayinar iskeeliin hariiroo kallattii waliin qaban furtuu tokko irratti ijaaramu jechuudha. Fakkeenya hariiroo kallattii meejariifi maayinar iskeelii C/Doo fi a/laa, asiin gaditti kaa'amerraa hubadhu.







Yeedaloon yaa'insa sagalee isa gurra dhaggeeffattootaa hawwatu kan ibsuudha. Kana malees, yeedaloon tuuta sagalee muuziqaa garee tokkotti ramadamuun qindeeffamaniin kan uumamu ta'ee, caacculee bu'uuraa lama of keessaa qaba. Isaanis:

- **Piichii:** jechuun haalli amala sagaloota garaagraa kan ittiin ibsamu ta'ee, sagalee yeroo meeshaan muuziqaa taphatamu yookiin sagalee namaatiin kan jedhamu ta'ee, sagalee wal-fakkaataa osoo hin taane, sarara gara garaa irratti (sagalee adda addaatiin) kan

uumamudha.

- **Turtii (Duration):** yoo jennu, hanga dheerina yookiin gabaabina sagaleen tokko qabu kan ibsu yoo ta'u, turtiin sagalee sanaa, hanga sagaleen ykn boqonnaan itti aanuu jalqabutti isa jiruudha. Fakkeenyaaf, nootaan guutuun tokko, turtii hanga rukuttaa (sekondii) afurii kan turu yoota'u, nootaan nuusaa garuu hanga turtii rukuttaa (sekondii) tokkoo qofa kan turu ta'uu danda'a. Kanaafuu, dheerinni sagaleewwan lamaan gubbaarratti ibsamanii turtii adda adda qabaachuu isaanii ibsa.

Fkn 1. Yeedaloo asiin gadii ilaaluun, turtiiwwan nootaalee gidduu jiru faarsuudhaan dareef dhiyeessi.



## Gocha 9

Yeedaloo tokko gabatee muuziqaa irratti qindeessii daree keef ibsi.

## E. Tuuta Sagaleewwanii/Harmanii

### Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:


**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**


- Harmaniin maal akka ta'e ni ibsita.
- Yeedaloo gabatee muuziqaa irratti barreeffame nifaarsita.
- Gabatee muuziqaa kaasuun nootaalee ni ijaarta.

## Gaaffii Hubannoo

Harmaniin maali?

Sagaleewwaan muuziqaa garagaraa yeroo walitti qindaa'aniifi wal simatanii dalagaman, harmanii (tuuta sagaleewwanii) uumu. Fakkeenyaaf; Tuutni sagaleewwan muuziqaa al-tokkotti taphataman harmanii jedhama. Fakkeenyaaf meeshaalee muuziqaa aadaa kanneen ta'an keessaa, ululleen sagalee Doo(C), kiraarri sagalee Mii(E) fi masiinqoon ammoo sagalee Sool(G) al-tokkotti/wal-faana qindaa'anii yoo dhaggeeffataman harmanii uumu. Kanaafuu, harmaniin yeroo nootawwan/sagaleewwan lamaafi isaa ol ta'an yeroo walfakkaataa keessatti taphataman muuziqaa dhaga'amuudha.





Fakkii 1;19. Fakkii ijaarsa Harmanii agarsiisu

## F. Foormii

Haala muuziqaan tokko itti qindaa'uufi raawwii toora qindoomina isaa kan agarsiisu foormii jedhama. Muuziqaan tokko yeroo barreeffamu yeedaloon, harmaniifi rukuttaan isaa foormii murtaa'aa tokko qabaachuuf qajeelfama murtaa'aa ta'e tokko qabaachuutu irraa eegama. Foormii muuziqaa tokkoo kan murteessan '/' qoodduu yookiin 'baarii' jedhamu.

## Gocha 10

Faayidaa foormiin muuziqaa keessatti qabu adda baasii ibsi.

# 1.3. Caacculee Shubbisaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Maalummaa shubbisaafi akaakuu shubbisaa adda baastee nitarreessita.
- Aadaa hawaasaa shubbisaan agarsiisuun akka danda'amu ni ibsita.

## Gaaffii Hubannoo

3. Waa'ee shubbisaa keessaa kanneen beektu himi.
4. Shubbisa shubbisuuf maal maaltu barbaachisa?

Shubbisni qaama aartii gochaa ta'ee, yaadota, miiraafi muuxannoowwan keenya sochiin fayyadamnee ibsinuudha. Shubbisni kunis caacculee asiin gadii of keessaa qaba. Caacculeen shubbisaa kun kan walitti hidhamaniifi tokkoo isa tokkorraa adda baasanii raawwachuun kan hin danda'amneedha. Isaanis:

- ☞ Qaama
- ☞ Sochii
- ☞ Iddoo
- ☞ Yeroofi
- ☞ Humna.

### 1.3.1 Qaama

Yeroo baay'ee, sochiin rukuttaa muuziqaa hordofnee, qaama keenya bifa gargaraan sochiin taasifnu shubbisa jedhama. Shubbisaan/tuun tokko yeroo shubbisu/tu guutummaa qaama isaa/ishii yookiin gar-tokkoo qaama isaa/ishii qofarratti xiyyeeffachuu danda'a/eessi.

### 1.3.2 Sochii

Tarkaanfiin namni shubbisa keessatti hirmaate kamuu taasisu, sochii jedhama. Sochiiin shubbisa keessaa, hirmaannaa qaama keenya adda addaatiin kan taasifamuudha. Haaluma kanaan, fuula, mataa yookiin harka sochoosuun, kan shubbifamuudha.

### 1.3.3 Iddoo

Iddoo jechuun bakka sochii shubbisaa itti raawwachuuf itti fayyadamnuudha. Innis gulantaa, kallattii, karaa darbiinsaafi bal'ina sochiin gaafatu of keessatti hammata.

### 1.3.4 Yeroo

Shubbisa keessatti sochiin taasifamu shubbisa to'achuufi qindeessuu keessatti hariiroon inni yeroo wajjiin qabu olaanaadha. Yeroon shubbisa keessatti ga'ee inni qabu bifa asiin gadiitiin haa ilaallu.

A. **Yeroo turtii:** Dheerina shubbisaa daqiiqaan safaramee akka dalagamu yaaduuf, yeroo/daqiiqatti fayyadamna.

B. **Hariiroo yeroo:** Hariiroo shubbistoonni yeroo kenname keessatti waliin qaban (fuulduraan, duubaan, waliiniifi ariitiin) agarsiisa.

### 1.3.5 Humna.2

Shubbistoonni yeroofi iddoo kennameef keessatti socho'uuf humna isaan barbaachisa. Shubbistoonni akkamitti socho'aa akka jiran, sochii bilisaafi sasalphaa, sochii humnaan qabu, bifa taphaan kan agarsiisu ta'uu mala. Walumaagalatti, shubbistoonni miira keessa isaanii jiru fuulduratti baaasanii agarsiisuuf humni isaan barbaachisa.

## Gocha 11

1. Caacculee shubbisaa kan jedhaman maal maal fa'i?
2. Caacculee shubbisaa olitti jiran erga eertanii booda tokkoon tokkoo isaaniif ibsa kennaa.

# 1.4 Caacculee Bartaphee Tiyaatiraa.

## Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Gahee caacculeen bartaphee tiyaatiraa tiyaatira keessatti qaban ni ibsita.
- Maalummaa yoomessaa niaddeessita.
- Caacculee jaargochaa adda nibaasta.
- Gahee ergaan bartaphee keessatti qabu niibsita.
- Suur-Sagalee gabaabaa niqopheessita.

## Gocha 12

1. Gareen yookiin namni tokko tiyaatira agarsiisuuf maal isa barbaachisa jettee yaadda?
2. Barreessaan/situun tiyaatiraa tokko bartaphee isaa/ishee keessatti maalfaa yoo dabalan seenaa jiruuf jireenya ilma namaa ta'a?

Bartaphee tiyaatiraa jechuun barruu bifa waliin dubbiitiin akka diraamaadhaaf ta'utti kan nam-fakkiin walitti dubbatan, kan kallattii waltajjii namatti himuufi qajeelchaa taatootaafi qopheessaati. Karaa biraa immoo bartapheen ijaarsa barreeffama og-barruu seenaansaa waltajjiif akka qophaa'uuf barreeffamuudha. Barruun Kun bu'aa kalaqa barreessaa barreessuuti. Barreessaan barruu kana kalaqu barreessaa bartaphee jedhamuun beekama. Bartapheen waliin dubbii qooddattoota gidduutti taasifamu, ofiin dubbii qooddataan qofaatti taasisu, ibsa sochii, akkaataa qooddattootaa, ibsa waa'ee

wanta waltajjiirratti agarsiifamuufi agarsiifamuu hinqabnee (argaa daawwattoota duubatti ta'uu qabuu) fi kkf of keessaa qaba. Seenaan bifa kanaan bartaphee keessa jiru kunis raawwii yookaan boqonnaafi mul'ata (argama) tti qoodamee barreeffama. Raawwiin tokkoon isaa mul'ata adda addaatti qoodamuu danda'a.

Tiyaatirri seenaa seenessuuf tooftaafi qindaa'ina adda addaatti kan fayyadamu yoo ta'u, seenaan sun akka gaariitti hubatamuu akka danda'uufi bifa nama hawwataafi miidhagina qabuun dhihaachuuf caacculeen bartaphee tiyaatira sana ijaaruuf nu barbaachisan nijiru. Akkuma mana jireenyaa tokko ijaaruuf wantoota ijaarsa mana sanaatiif ta'u nu barbaachisu, bartaphee tiyaatiraafis caacculee bartaphee tiyaatiraa ijaaruuf nu barbaachisan nijiru jechuudha. Kana jechuun, mana ijaaruuf akkuma, dagalee, dhaaba manaa, citaa, dhoqqee, cidii, qorqoorroo, dhagaa, mismaarafi kanneen kana fakkaatan nu barbaachisan, bartaphee tiyaatiraa tokko barreessuuf caaccaulee bu'uura ta'an kan of keessaa qabu jechuudha. Kana yeroo jennu, caacculee bartaphee tiyaatiraa kana qofa beekuun gahaadha jechuu miti. Haalli seenaan bartaphee tiyaatiraaf yookaan diraamaaf ta'u itti qophaa'uufi kalaqamu murteessaadha. Seenaan bartaphee tiyaatiraaf barreeffamu haala gaariifi bareedaa, akkasumas, bifa nama hawwachuu danda'uufi ergaa gahaafi gaarii ta'e akka dabarsuu danda'utti qindatee qophaa'uu qaba. Kanaaf caacculeen bu'uraa bartaphee kan jedhaman kanneen akka: Seenaa, Nam-fakkii, ergaa, jaargocha/sab-ta'umsa, waliin dubbii, walitti bu'insafi yoommeessa.

Caacculee bartaphee asiin olitti tarreeffaman kunneen tokko tokkoon haa ilaalluu.

### A. seenaa

Seenaan bartaphee tiyaatiraa keessatti teekinikoota tiyaatira hojjechuutiin kan ijaaramu ta'ee, yeroo baayyee seenaa asoosama ta'e sababaafi bu'aan itti dabalamuun, jalqaba, gidduufi dhuma kan qabu seenaa fakkaattiidhaf bifa tiyaatiraatiin barreeffamu jechuudha.

### B. Taatota

Taatotni aabbootii seenaan seeneffamuu qooddatoota seenaa sanaati. Taatonni kunis, namaafi uumama kanneen biroo ta'uu danda'a. Taatonni kun akkaata barreessan barruu tiyaatira sanaa barreesseen qooda isaaniif kennamerratti hundaa'uun ta'anii argamuun qoodasaan seenaa keessatti taphataniidha. Taatoonni warra seenaa sana baatanii yookaan bakka bu'anii fuudhanii deemani. Walumaa galatti, taatoonni seenaa keenya guutummatti qooddatanii seenaa Sana gara fuulduraatti oofaniidha. Namoota addunyaa kanarra jiraatan ta'anii barreessaan sammuusaatiin buusee baasee kan uumuudha yookaan bocuudha. Seenaan bartapheetis kan dhugoomu nam-fakkii barreessaan uumeen ta'a. Dimshaashumatti fakkaattiin bartaphee keessatti namoota qaamaan waltajjii irratti mul'ataniidha.

Fakkaattiin namoota addunyaa kana gubbaa jiraatan ta'ani barreessan sammuusaatiin buusee baasee kan uumudha. Seenaan bar taphees kan ifoomu fakkaattii barreessan uumeeni. Isaanis dimshaashumatti namoota addunyaa kana gubbaa jiraatan kan bakka bu'an ta'anii bar taphee keessatti qaamaan dhiyaatanii nam-fakkiin lubbuu horatanii seenaa gochaan agarsiisanii daawwattoota amansiisaniidha.

Barreessaan taatota gadi fageenyaan qoratee erga hubatee booda barreessuu qaba. Keessattuu:

- Dhaabbii qaama saanii
- Qor-qalbii isaanii
- Fedhiifi hawwii saanii
- Amantaa isaanii
- Ilaalcha isaanii
- Qabeenya /dinagdee/ isaanii
- Siyaasa isaan hordofan
- Hojii isaanii /Seenaa saanii/
- Umurii isaanii
- Yaada isaaniifi sadarkaa barumsa isaanii
- Amala isaaniifi kkf hunda barreessan qoratee hubatee beekuu qaba.

Barreessan tokko nam-fakkii akaakuu isaanii (nam-fakkii diriiroo, nam-fakkii marsaa, nam-fakkii hayyu duree yookaan qooddataa aantee (goobaan galeessa, masaanuu, nam-fakkii jijjiiramoo, nam-fakkii akka jiree, nam-fakkii tumsoofi kanneen kana fakkaatan caacculee bartaphee keessaa nam-fakkii keessatti hammatamanii waan jiraniif barreessaanis sirriitti isaan kana hubachuu qaba. Barreessan bartaphee nam-fakkii qusachuu qaba. Sababani isaa, Taatotni yoo heddummaatan daawwattoota hubachiisuun rakkisaadha. Taatoon tokko waan raawwatu hundaaf sababni quubsaa ta'e jiraachuu / uumamuu qaba.

Taa'uudhaaf, ka'uuf seenuuf, boo'uufi aaruuf, gammaduufi dallanuuf, kkf sababni amansiisaa ta'e jiraachuun dirqama. Barreessan waa'ee fakkaattii uumee gaaffii adda addaa kallattii adda addaatiin kaasuu

qaba. Fakeenyaaf, fakkattii dubartii tokko kan barreeddu bocuu yoo ta'e; Fakkaattii ishii wajjiin jiran isa guddaas ta'e xiqqaa seenaafi sabta'umsa waldiddaafi falmii ciminaan isaa jidduutti (walakkaatti) ka'u ibsuu qaba.

## C. Ergaa

Hojiin aartii ogbarruu barreessitootni quuqaasaanii, gammachuu, gadda, fedhiifi hawwii, walumaa galatti yaada jiruuf jireenya isaaniifi hawaasasaanii bu'uura godhachuun ergaa ittiin dabarsaniidha. kanumarraa ka'uun, seenaan tokko yemmuu barreeffamu waan dabarsuu barbaade kan giddu galeessa godhate kan mataasaa niqaba. Daawwattootni yookaa dubbistootni seenaa sanaa erga daawwatanii yookaa erga dubbisanii dhumarratti barumsa yookaa ergaa hubannoo waa tokkoo akka irraa argatan godha. Kana jechuun, hojiin kalaqaa kamiyyuu ergaa dabarsuu barbaadeen madaalama jechuudha. Kanaaf, tiyaatira keessatti yaada giddu galeessaa barreessaan bartaphee tiyaatira isaa keessatti dhaamsa dabarsuu barbaadu ergaa jedhama. Karaa biraatiin ergaa jechuun yaada ijoo walii gala tiyaatira yookaan fiilmii keenyaati. Ergaan kunis, haala ifaa ykn dhokataa ta'een waliin dubbiin, ibsa taatootafi yoomessa keessatti dhihaata. Walumaa galatti gabaabinaan bar-taphee keessatti barreessan yaada barumsa ergaa daawwatootaaf dabarsuudha.

Dimshaashumatti ergaan adeemsaa seenaafi sabta'umsaa keessatti gocha fakkattin raawwataniifi waldiddaa dubbatamurraa ka'ee xumurarratti dawwatoonni ergaa/barumsa/ sammuutti qabatani bahaniidha

## D. Jaargocha/Sab-ta'umsa

Haala seenaan tokko sababaafi bu'aan walqabatee tooraan ykn tartiiban itti ijaaramu haala ijaarsa gochaati. Caaseffama ta'eefi gochaa seenaa keenya waliin nuu addeessa. Akkasuma, jaargocha diraamaatiif bu'uura kan ta'e waldiddaan as keessatti qooda guddaa qaba. Sababiinsaas, muddama (tension) adeemsa guddina seenaa sanaa keessatti gochaa, yaadaafi waliindubbiin fooyya'uu yookaan furamuu qabu waan uumuufi. Kana jechuun, waldiddaan haala tasgabbiin keessa hinjirre uumuun jamaan /daawwattootni hanga xumura yookaan furmaata arganitti sardamanii akka sardan taasisa jechuudha. Kunimmoo humna jaargocha gara fuulduraa adeemsisuudha. Sab ta'umsa jechuun sababaaf ta'umsa jechuudha. Seenaa keessattis ta'e gocha raawwatu keessatti wanti raawwatamu (ta'u) maaliif akka ta'eefi wanti raawwatame maal ta'e (fide) sababa quubsaa/amansiisaa tartiibaan haala waxaxaan qindaa'ee kan dhiyaatu sabta'umsa jedhama.

Sabta'umsi ykn jaargochi Seenaa bar taphee keessatti maaliif kun ta'e jedhee sababasaa kan ibsuufi sababasaafi deebii quubsaa ta'e kan kennuudha. Sambta'umsi ykn jaargochi jalqaba, gidduufi xumura qabaatee gochi ciccituun sababaan qindaa'ee kan ibsamuudha.

### Fakkeenya gocha ciccituu:

1. Mootiin du'e giifitinis duute
2. Allaattiin erga balali'ee buqqeen cabe kkf.


Fakkeenya lamaanuu keessatti sababaafi ta'umsi seenaa hin mul'atu sababni isaa walxaxee sababaan hin mul'anne.

Sababa quubsaa ta'een yoo ibsaman garuu fakkeenyi asiin olii kun akka asiin gadiitti ibsamuu danda'a.

**Fakkeenya tokkoffaa:** Giiftiin abbaa warraa isaanii kan baay'ee jaalatan waan tasa du'aniif gaddii guddaan itti dhaga'amee rifatanii sanaan du'an.

**Fakkeenyaa lammaffaa:** Allaattiin buqqee baattee osoo balaliituu buqqeen tasa harkaa bu'ee cabe. Fakkeenyi: lamaanuu amma sabta'umsa qaba. saba'umsi kun jalqaba, gidduufi xumura qaba.

Walumaa galatti, jaargochii haala caaseffamaa, tartiiba seenaa, qindaa'ina waraabbii, argamoota ykn mul'ata, qoqqoodiinsa kutaa tiyaatiraa, walitti fufiinsa gochaafi walii gala tiyaatiraati. Jaargochi kun caasaalee jaargochaa kan jedhaman shan keessa darba. Kanas, piraamiidii fayyadamnee akka asiin gadii kanatti ilaaluu dandeenya.




Fakkii 1:20. Fakkii caasaalee jaargochaa agarsiisu.

Piraamiidiin kun akkaataa ijaarsa seenaan keenya itti ijaarame nu agarsiisa. Asirratti, bant-imiirri iddoo olaanaa finiinaafi sigigoodhaan marfamee kan argamuudha. Dabalataanis, adeemsa itti seenaan tokko hoo'aafi qabbanaa'aa deemuu ilaaluun nidanda'ama.

## E. Yoomessa

yoomessa jechuun iddoo ykn bakka kan bakka bu'u ta'ee, jecha lamarraa kan uumameedha. Yoom fi eessa. Yoom jechuun yeroo yoo ta'u, eessa

kan jedhu iddoo ykn bakka jechuudha. Kana qofa osoo hintaane, haala jireenyaa hawaasummaa dabalateeti. Barruu tiyaatiraa keessatti yoomessi gochaafi waliin dubbii dura ibsama. Kunis bakka ta'iin yookaan seenaan keenya itti raawwatu jechuudha. Bar taphee tokko keessatti seenaan gochaan mul'atee seeneffamuu yoomiifi essatti akka rawwatame kan ibsuu (agarsiisuu) dha. Yoom kan jedhu seenaa sun jaarraa ykn guyyaa waggaa /bara/ ji'a, torban, sa'aa daqiiqaa kkf keessatti yeroo raawwate kan agarsiisuu yoo ta'u eessa kan jedhuuf ammoo naannoo, godina, aanaa, ganda magaalaa, ala mana laga, mana siree mana nyaataa, gola kkf agarsiisa.

Yoomeessi sabta'umsaa wajjin walqabatee fakkaattiwwan eessaa akka dhufan eessa akka jiraatan, waltajjii irrattis yeroo bahanifi bu'an / galan/ akkasumas boqonnaafi mil'uu ykn argama jiran kan ibsudha.

**Fakkeenyaaf:**

- Mana ciisichaa
- Saaloonii
- Gola keessa
- Karaarra
- Mankuusaa keessa
- Bosona keessa
- Waajjira keessafi k.k.f. jecha iddoo seenaa sanaa ibsa.

**Yeroon immoo:**

- Guyyaa
- Halkan
- Ganama
- Galgala

- Waggaa tokko booda
- Torban....

## F. Waliin Dubbii

Dhalli namaa akkuma jireenyaa waliiniif jechootaafi hima gara garaa fayyadamuun afaan tokkoon walii galu, fiilmii ykn tiyaatira tokko keessatti afaan waliin dubbii kan ittiin walii galu qaba. Kana jechuun waan ta'ee argame sana waliin dubbiisaa fakkeessuun dubbachuu danda'uu qaba. Kunis, waliin dubbii jedhama. Waliin dubbiin dubbii taatotni lamaafi isaa ol ta'an waltajjiirratti walharkaa fuudhuudhaan dubbii dubbatamuudha. Dub-tapheen yookaan waliin dubbiin qusatammafi gochaan deggarame, gurra daawwattootaa harkisuu danda'ufi ifaa ta'etti gargaaramnd kan barreessinuudha. Dub-tapheen gurra harkisee sammuu kan booji'uudha. Dub-tapheen dubbii fakkaattiwwan lamaafi sanaa ol ta'an waltajjii irratti walirraa fuudhuudhaan dubbii dubbataniidha.

Diraamaa keessatti dub tapheen dhaabaafi dagalee ta'eetu tajaajila guddaa kenna. Seenaan bar taphee kan ibsamu dub taphee ykn waliin dubbii arrraba nam-fakkii irraa dhaga'amuunyookaan dubbatamuun. Waan kana ta'eef dub taphee jachoota ol ka'aniin midhagee gabaabinaan ibsamuun gurra daawwattootaa harkisuu qaba. Diraamaa keessatti seenessuudhaaf sa'aa sadii keessatti yeroo waan hinqabaanneef dub taphee qusatamaa gochaan deegarameen akka daawwatootaaf ifa ta'utti barreessuun /dhiyeessuun/ barbaachisaadha. Kana malees jechoota nama nuffisisan /ifachiisan/ deddeeb'ee dhimma bahuu hin qabu.

Dubtapheen dubbatamu dhugaan kan fakkattiin dubbatu ta'e nama amansisu qaba. Kana malees diimshaashumatti dub tapheen kan ta'uu qabu.

- ✓ Dub taphee qusatame
- ✓ Daawwatootaaf ifa'e akka salphatti kan galuuf
- ✓ Gurra harkisee sammuu kan booji'u
- ✓ Jechoota olka'anin midhaguu kan qabu
- ✓ Odeeffannoo barbaachisaa ta'an qofa ibsu;
- ✓ Kan afaan fakkaattiin dubbataman ta'uu qabu
- ✓ Jechoota deddeebi'ani hindubbatamne
- ✓ Kan qabatamaan nama amansiisan
- ✓ Adeemsa seenaa gara fuulduraatti kan tarkanfachisan
- ✓ Gochaan kan hammataman kkf ta'uu qabu.

Gabaabumatti dub-tapheen jalqabaa hanga xumuraatti hawataafi si'ataa akkasumas gabaabbatee qarooma dandeettii barreessaatiin miidhagee dhiyaachuu qaba. Dub-tapheen taatoo tokkoon yeroo dubbatamuu nijira. Fakkeenyaaf fakkattiin tokko cinatti/ aside/ yeroo dubbatu yeroo ofiin dubbii/ sololoquy/ fi qof-dubbii/monologue/ yeroo dubbatamu nijira.

## Fakkeenyaaf:

- Ogeessa fayyaa
- Barsiisaa
- Qotee bulaa
- Ogeessa seeraa
- Loltuu
- Daa'ima

- Ga'eessaafi k.k.f. waan isaan ibsuu danda'u waliin dubbii isaanii keessatti fayyadamuu danda'uu qabu.

## Gocha 13

Bartaphee gabaabaa tokko fudhachuun erga dubbisteen booda caacculee bartaphee sanaa adda baasii dareef ibsi

## 1.5. Tooftaalee Waraabbii Suur-Sagalee Salphaa

## Gocha 14

Suuraa kaastee beektaa? Suur-Sagalee hoo? Hiriyoota kee waliin irratti mari'adhaa!

Suur-Sagaleen (viidiyoo) akaakuu miidiyaa keessaa isa tokko yommuu ta'u, adeemsa sagaleefi suuraa fayyadamuun bifa suur-sagaleen (viidiyoo) odeeffannoo walii dabarsuufi kaa'uuti. Suur-sagaleedhaan wantoota baayyee waraabnee kaa'achuu dandeenya. Wantoonni ykn gochoonni waraabaan kunis, sirna adda ddaa kanneen akka cidhaa, guyyaa ayyaanaa garagaraa, taphooya adda addaa ta'uu danda'a. Haala kana keessatti Suur-sagalee qulqulluufi bareedaa ta'e argachuuf of eeggannoo gochuun barbaachisaadha. Ofeeggannoon nuti goonu keessa tokko iddoo ifatti fayyadamuudha. kunis, yeroo Suur-sagalee waaraanbu ifa gahaatti fayyadamuu, kaameeraa gara aduutti garagarchanii waraaburraa ofqusachuufi xiyyeeffannoo leensii kaameeraa sirreessuudha.

Suur-sagaleen waraabnu qulqulluu ta'uuf:

- Sagaleenis ta'ee haalli sochii sirnaan qindaa'uu qaba.
- Kallattiifi iddoon waraabbii filatamuu qaba.

- Haalli naannoo ykn seenduubee xiyyeeffannoo godhachuu qaba.
- sagaleen wacaafi bubbee namoota waraabama jiran waliin galuu hinqabu.
- Wantoonni seenduubee irra jiran hiikaa hinbarbaachfine kennuu hinqaban. *Sababa malees waraabamuu hinqaban.*
- Haalli uffannaafi teessumni namaa qindaa'uu qaba.
- Safuufi naamusa eeggachuu qaba.
- Waan waraabamuu qabuufi hinqabne adda baasnee beekuu feesisa.

## Gocha 15

1. Taateewwan dallaa mana barumsaa keessanitti raawwataman bifa suur-sagaleetiin waraabuun qindeessaa!
2. Suur-Sagalee qopheessitan kutaa keessatti waliin ilaaluun yaada itti kennaa!

## Cuunfaa Boqonnaa 1

- Caacculee og-argaa jechuun walitti dhufanii hojii og-argaa tokko kan uuman jechuudha.
- Caacculeen og-argaa torbatu jiru.
- Sararri qindoomina tuqaalee irraa kan ijaaramedha.
- Bocni qindoomina sararoota garagaraa irraa uumama.
- Bocaawwan garagaraa walitti qindaa'an foormii uumamu.
- Halluu jechuun bifa wantootaati.
- Bakki haala safarriifi wal irraa fageenya wantoota hojjetaman gidduu jiru jechuudha.
- Sookkisa jechuun jajjabaachuufi lallaafuu qaamolee wantootaati.
- Vaaliyuun ifummaafi dukkanummaa halluu tokkoo kan agarsiisudha.
- Rukuttaa, yeedaloo, tuuta sagaleewwanii /harmanii/saffisa adeemsa muuziqaa/teempoo, sagalee/piichii, hanga guddinaafi xinneenya sagalee/daayinaamiksii/akkasumas foormiifi ijaarsa garagaraa kan of keessatti hammateedha.
- Rukuttaan gocha ykn sochii yeroo waliin godhamuudha.
- Daayinaamiksiin olka'iinsaafi laafina/xiqqeenya sagalee kan agarsiisuudha. Innis bakka lamatti qoodama.
- Teempoon saffisa muuziqaa yookiin baay'ina rukuttaa yeroo murtaa'aa tokko keessatti raawwatu kan agarsiisuudha.
- Yeedaloon tuuta sagalee muuziqaa garee tokkotti ramadamuun qindeeffamaniin kan uumamuudha.
- Harmaniin tuuta sagaleewwan muuziqaa lamaafi sanaa ol ta'an walfaana haala hawwataa ta'een taphatamaniiti.
- Shubbisni bifa aartii ta'ee, yaadota, miiraafi muuxannoowwan keenya sochiin fayyadamnee kan ibsinuudha.

- ✍ Bartaphee tiyaatiraa jechuun barruu bifa waliin dubbiitiin akka diraamadhaaf ta'utti waraqaarratti bifa barreeffamaatiin qophaa'edha.
- ✍ Caacculee bu'uuraa bartaphee tiyaatiraaf barbaachisaan kanneen akka: nam-fakkii, ergaa, jaargocha, waliin dubbiifi yoommeessa.
- ✍ Yoomessa jechuun iddoo ykn bakka kan bakka bu'u ta'ee, jecha lamarraa kan uumameedha.
- ✍ Suur-Sagaleen (viidiyoo) akaakuu miidiyaa keessaa is tokko yemmuu ta'u, adeemsa sagaleefi suuraa fayyadamuun bifa suur-sagaleen (viidiyoo) odeeffannoo walii dabarsuufi kaa'uuti.

## Gaaffiiwwan Boqonnaa 1

### I. Gaaffiilee asiin gadii kan sirrii ta'an 'Dhugaa', kan sirrii hin taane immoo 'Soba' jechuun deebisi.

1. Sararri qindoomina tuqaalee irraa kan ijaaramuudha.
2. Bocni qidoomina sararaatiin uummama.
3. Sararri jajjabinaafi lallaafina qaamolee wantootaa ni agarsiisa.
4. Halluuwwan uumamaa ida'amanii/makamanii kan argaman miti.
5. Halluuwwan sadarkaa sadaffaa moggaasa maqaa isaanii irratti hulluuwwan sadarkaa lammaffatu dursee dhufa.
6. Nootaaleen muuziqaa bifaafi turtii rukuttaa garaagaraa qabu.
7. Daayinaamiksiin miidhagina muuziqaatiif iddoo olaanaa qaba.
8. Piyaanoosimoon sagalee baay'ee guddaan faarsuu bakka bu'a.
9. Nootaan nuusaa gatii rukuttaa tokko qaba.
10. Gatiin nootaa walakkaa lamaa gatii nootaa guutuu tokkoon wal qixa miti.
11. Bartaphee barressuuf caacculee bartaphee beekuu qofti gahaadha.
12. Yoommessa jechuun bakkaafi yeroo ta'iin yookaan seenaan keenya itti raawwatu jechuudha.
13. Sab-ta'umsa jechuun garee hawaasaa kan seenaa qooddatan jechuudha.
14. Adeemsa Suur-sagalee waraabuu keessatti kallattiifi bakka waraabbii filachuun hinbarbaachisu.

### II. Gaafiilee asiin gadii qubee deebii sirrii ta'e qabate filadhu.

1. Halluu sadarkaa lammaffaa kan ta'e kami?

A. Diimaa B. Cuquliisa

C. Magariisa D. Keelloo

2. Jajjabinaafi Lallaafina qaamolee wantootaa kan adda hin baasne isa kami?
   A. Ijaan ilaaluu C. Halluu
   B. Harkaan tuxxuquu D. Deebiin hin kennamne.
3. Sarara shaffaxaa ilaalchisee kamtu sirriidha?
   A. Olii gara gadiitti sararama.
   B. Mirgatti yookiin bitaatti sararama.
   C. Mirgatti yookiin bitaatti hirkatee sararama.
   D. Deebiin hin kennamne.
4. Sookkisa qaamolee wantoota ija qofaan ilaalamanii adda baafachuuf kan hin tajaajille isa kami?
   A. Halluu C. Boca
   B. Sarara D. Foormii
5. Halluuwwan bu'uuraa nam-tolchee lama yoo walitti makne halluu sadarkaa meeqaffaa arganna?
   A. Sadarkaa 1ffaa C. Sadarkaa 3ffaa
   B. Sadrkaa 2ffaa D. "B" fi "C"
6. Kanneen asiin gadii keessaa kan adda ta'e isa kami?
   A. Vaaliyuu C. Tuqaa
   B. Boca D. Sarara
7. Kan adda ta'e isa kami?
   A. Diimaa C. Magariisa
   B. Burtukaana D. Dhiilgee
8. Akaakuu sararaa keessaa wanta of danda'ee madaala isaa eegee dhaabbatee jiru kan agarsiisu isa kami?
   A. Dhaabbata C. Dagalee
   B. Shaffaxaa D. Jajal'aa

9. Fakkii fakkeessuu keessatti sararri yaa'a bishaanii fakkeessuuf gargaaru isa kami?

A. Shaffaxaa C. Jajal'aa

B. Dambali'aa D. Dhaabbataa

10. Sararri boca fuula namaa agarsiisuuf gargaaru isa kami?

A. Geengoo C. Molooloo

B. Golboo D. Dambali'aa

11. Haala seenaan tokko sababaafi bu'aan walqabatee tooraan yookaan tartiiban itti ijaaramu maal jedhama?

A. Qopheessaa

B. Jaargocha

C. Yoomessa

D. Nam-fakkii

12. Yaadni giddu galeessaa barreessan bartaphee tiyaatira keessatti dhaamsa ittiin dabarsuu maal jedhamu?

A. Ergaa

B. Yoomessa

C. Daawwattoota

D. Nam-fakkii

13. Namoonni seenaa tiyaatiraa guutummatti qooddatanii seenaa sana gara fuulduraatti deemsisan maal jedhamu?

A. Qopheessaa

B. Yoomessa

C. Nam-fakkii

D. Daawwataa

14. Barruun bifa waliin dubbiitiin akka diraamadhaaf ta'utti waraqaarratti barreeffamu maal jedhama.
    A. Nam-fakkii
    B. Yoomessa
    C. Bartaphee
    D. Jaargocha

**III. Gaaffilee asiin gadii akka hojii manaatti hojjedhuu deebisi.**

1. Akaakuu caacculeen og-argaa faayidaa isaan qaban waliin tokko tokkoon gabaabsii barreessii dareef dhiyeessi.
2. Caaculee muuziqaa kan jedhaman tarreessi?
3. Gochi ykn sochiin yeroo waliin godhamu maal jedhama?
4. Sagalee suutaatiin faarsuun (Piano) mallattoo maalii bakka bu'a?
5. Mallattoolee daayinaamiksii sagalee olka'aarraa gara sagalee laafaatti tartiibessi.
6. Tapha Muuziqaa keessatti sagaleen suuta dabalaa yeroo deemuu agarsiisuuf mallaattoo akkamiitti fayyadamna?
7. Muuziqaan ariitiidhaan taphatamu kan nutti argisiisu maal jedhama?
8. Sagalee muuziqaa uumame tokko addaan baasee kan nuu kaa'u________jedhama.
9. Muuziqaan qindaa'ee yeroo wal fakkaataa tokkotti taphatamu______jedhama.
10. Qajeelfamni foormii muuziqaa tokko murteessu______jedhama.

# BOQONNAA 2 DANDEETTII KALAQAA

## 2. Dandeettii Kalaqaa

### Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

**Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:**

- Waa'ee moggaasa maqaa nootaalee muuziqaa nibeekta.
- Gabateen muuziqaa maal akka ta'e niqayyabatta.
- Hariiroo kileefootaafi gabateen muuziqaa waliin qaban nihubatta.
- Hiika maxxansaa nihubatta.
- Hojii maxxansa bilookiifi koolaajii hojjettee ni agarsiista.
- Maxxansi koolaajii maal maal irraa akka hojjetamuufi akkaataa ittiin hojjetamu adda baasuun niraajeffatta.
- Gahee uffanniifi wantaan tiyaatira qopheessuu keessatti qabu nihubatta.

### Seensa

Boqonnaa tokko keessatti waa'ee caacculee og-aartiiwwanii faayidaa isaanii waliin barattee jirta. Boqonnaa kana keessaatti immoo moggaasa maqaa nootaaleen kileefoota irratti qaban bal'inaan nibaratta. Akkasumas, ogummaan maxxansaafi moozaayikii akkuma ogummaa koolaajii mala fakkii, saxaxaafi paatarniin ittiin hojjetamu

ta'ee, wantoota jajjaboo ta'an irraa kan hojjetamuufi bara durii irraa kaasee hedduuminaan manneen amantaafi galma mootummaa keessatti hojjetamaa kan turedha.

Dabalataan tiyaatirri tokko qophaa'e walatajjiirratti dhiheessuuf uffannaafi meeshaalee isa barbaachisa. Akka tiyaatira sanaaf ta'utti uffannaafi meeshaalee isa barbaachisu qopheessuun dhihaata.

## 2.1. Moggaasa Maqaa Sagaloota Muuziqaa

### Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Waa'ee moggaasa maqaa nootaalee muuziqaa ni ibsita.
- Gabateen muuziqaa maal akka ta'e nihimta.
- Hariiroo kileefonniifi gabateen muuziqaa waliin qaban ni ibsita.
- Moggaasa maqaa nootaalee kileefoota irratti adda baastee nitarreessita.

### Gaaffiiwwan Hubannoo

1. Yeedaloofi rukuttaan nibarraa'aa?
2. Deebii gaaffii 1ffaa maaliif akka 'eyyee/miti' jetteefi, sababaan/fakkeenyaan dhiyeessi.

Akkuma hog-barruuniifi kanneen biroos barreeffamaan kaa'aman faayidaa qaban, muuziqaas barreefamaan ibsuuf, qo'achuufis ta'ee, baroota dheeraa olkaa'anii dhalootaaf dabarsuun nidanda'ama. Muuziqaa dubbisuufi barreessuun dura inni jalqabaa, maqaa nootaalee


muuziqaa addaan baasanii beekuun barbaachisaadha. Qubeewwan muuziqaa kunniin, maqaa sagaloota nootaalee muuziqaa moggaasuuf kan gargaaraniifi, akka adunyaatti kanneen beekkaman lakkoofsaan torba/7 yoo ta'an,

Isaaniis: ***C, D, E, F, G, A*** fi B jedhamuun beekamu. Nootaawwan muuziqaa qubeewwan muuziqaatiin moggaafaman immoo, gabatee muuziqaa irratti tartiibeffamu.

## 2.1.1 Gabatee muuziqaa

Gabateen muuziqaa sararoota wal-tarreefi dalgee ta'an shaniifi bakkeewwan duwwaa afur kan qabu ta'uu isaa kutaa gadiitti baratteetta. Tokkoon tokkoon sararaafi bakka duwwaan qubee garagaraa (C-B) iddoo nootaa bu'anii barreeffamaniin bakka bu'u.

☞ Sararootaafi bakkeewwan duwwaa gabatee muuziqaa asiin gadii irra deddeebi'ii kaasuun shaakali.




**Gaaffii Hubannoo**

Maqaa nootaalee muuziqaa moggaasuufi barreessuuf maaltu barbaachisa? (Waan kutaa 4 keessatti baratte yaadachuun hojjedhuu agarsiisi)

## 2.1.2. Kileefii

Mallattooleen kileefii nootaa muuziqaa qubeetiin moggaafame sagalee furdaa, giddu galeessaafi qal'aa kan ittiin adda baasan ta'ee, yeroo baay'ee seensa istaafii irratti kan barraa'u ta'uu kana dura

barattaniittu. Dabalataanis sararaafi bakka duwwaa istaafii irratti iddoo kamitti sagaloonni muuziqaa akka barreeffamu /kaa'amu kan murteessaniifi hiika itti kennaniidha.

Gabatee muuziqaa irratti, kileefii muuziqaatiin ala iddoo murtaa'aa sagaleen itti qallatuufi furdatu murteessuun hindanda'amu. Kanaafuu, kileefiin muuziqaa istaafii irratti yeroo mara jalqaba irratti barreeffamuun sagalee uumamu addaan baasuuf faayidaa guddaa kenna. Sadarkaa kutaa kanaatti, akaakuu kileefotaa jiran keessaa Jii (Tireebil) fi Eff (Beez) kileefii irratti xiyyeeffanna.

## Gocha 1

1. Kileefiin maalii?
2. Akaakuuwwan Kileefii beekamoo ta'an meeqatu jira? Isaan hoo?
3. Gabatee muuziqaa irratti kileefii kaasii agarsiisi.

### A. Jii (Tireebil) kileefii

Jii/tireebil kileefiin mallattoolee muuziqaa keessaa tokko kan ta'eefi jalqaba gabatee muuziqaarra kaa'amuun sagalee qal'aafi giddu galeessi kan ittiin adda baafamuudha.

### Moggaasa Sagaloota Muuziqaa Jii/Tireebil Kileefii irratti

Tireebil kileefiin yeroo baay'ee "Jii" kileefii jedhamuun beekama. Sababiin isaa istaafii irratti yeroo barreeffamu sarara sagalee "G" irratti barreeffametti yookiin jalaa gara oliitti yeroo dubbifamu sarara 2$^{ffaa}$ irratti maramee waan barreeffamuufiidha.

Sararoota Tireebil kileefii shanan irratti jalaa gara oliitti maqaan nootaa yeroo barreeffamu; E, G, B, D, F sammutti qabachuuf garuu, '***Every Good Boy Dance Fine***' fi iddoo duwwaan Tireebil kileefii jalaa

gara oliitti yeroo lakkoofnummo F, A, C, E sammutti qabachuuf garuu isa afaan ingiliffaatiin 'FACE' jennee qabachuu dandeenya.


a. Kanneen bakka duwwaa arfan irratti argaman




b. Kanneen Sarara shanan irratti argaman





c. Moggaafama maqaa Jii (Tirebil Kileefii) gabatee muuziqaa irratti bakka duwwaafi sarara irratti bifa asiin gadiitiin taa'a.




## Gocha 2

1. Tireebiil kileefiin sababa maaliif Jii(G) kileefii jedhame?
2. Maqaa nootaalee gabatee muuziqaa asiin gadii irra jiranii barreessi.



## A. Beez kileefii (F Kileefii)

**Gocha 3**

Moggaafama maqaa beez Kiileefii xiinxaluun daree keef ibsi.


Beez Kileefiinis mallattoolee muuziqaa keessaa tokko ta'ee, sagalee furdaa gabatee muuziqaa irratti barreessinee akka dubbisnuuf nu gargaara.

Beez kileefiin istaafii ykn gabatee muuziqaa irratti yeroo barreeffamu sarara arfaffaa irraatti gadi maramee barraa'a. Sararri arfaffaan immoo '**F**' jedhamee waan moggaafameef 'Eff' Kileefii jedhamee waamama.

### Moggaafama Nootaalee Beez Kileefii


Moggaasi maqaa sagaloota muuziqaa beez kileefii irratti bakka duwwaa arfaniifi sarara shanan irratti haala asiin gadiin moggaafameera.

a. Bakka duwwaa irratti




A/laa C/doo E/mii G/sool

b. Sararoota shanan irratti



G/sool B/sii D/ree F/faa A/laa

B. Sararaafi bakka duwwaa irratti wal-faana yoo barreeffamu,





## Gabatee Muuziqaa Guddicha

Gabatee muuziqaa guddaan (grand staff) qindoomina gabateewwan muuziqaa lamaafi kileefiiwwan lamaati. Gabateen muuziqaa lamaan kun, Tireebil kileefiifi Beez kileefii walitti hidha. Tireebil kileefiin karaa gubbaa/irra keessaa yoo barraa'u, Beez kileefiin immoo kara jalaan barraa'ee, C giddu-galeessimmoo istaafota lamaan gidduutti walqixa tajaajila.

Sagalee furdaafi qal'aa wal duuka harka lamaan piyaanoo irratti taphachuuf yookaan immoo muuziqaa akaakuu adda addaa iddoo tokkotti qindeessuuf gargaara.

## Fakkeenya:




Nootaaleen muuziqaa yeroo gabatee muuziqaa guddichaa irratti barreeffaman kan asiin gadii fakkaata.



## 2.2. Koolaajiifi Maxxansa Bilookii

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Hiika koolaajii ni ibsita.
- Wantoota naannookeetti argaman fayyadamuun fakkiilee adda addaa koolaajiin hojjettee ni agarsiista.
- Wantoota koolaajiin irraa hojjatamuu danda'u keessaa muraasa nitarreessitta.
- Hiika maxxansaa nihimta.
- Hiika maxxansa bilookii ni ibsita.
- Maxxansi bilookii maal maal irraa akka hojjetamu nitarreessita.

### 2.2.1 Hojii Koolaajii

#### 1. Koolaajii

**Gocha 4**

Koolaajii jechuun maal jechuudha?

Koolaajiin jecha Faransaay irraa kan dhufe ta'ee, hiikni isaas waraqaa mummuramee waan tokkotti qabsiisame (maxxansame) jechuudha. Koolaajiin tooftaa hojiin og-argaa ittiin hojjetamu keessaa tokko ta'ee, artistoota beekamootiin jaarraa tokko dura tooftaa hojii eegaledha. Yeroo sanatti artistoonni tooftaa hojii koolaajii eegalan hojii diba halluufi suuraa yookiin barreeffama barruulee garagaraa walitti

qindeessuun hojjechuu eegalani. Kanumaan Koolaajiin fudhatamaafi jaallatamummaa guddaa argachuun, tooftaa hojiin og-argaan ittiin hojjetamu keessaa tokko ta'uun artistoota hedduun hojjetamuu eegalee hanga ammaattis hojjetamaa jira.



Fakkii 2:1. Fakkii koolaajii missira irraa hojjetame agarsiisu

## A. Hojii koolaajiitiif wantoota barbaachisan

### I. Wantoota qabsiifaman

Kanneen akka: waraqaa, barruulee, suuraawwan, biyyee, huccuu, rifeensa, marga, baala, baallee allaattiiwwanii, sanyii midhaanii, sanyii biqiltootaafi kan kana fakkaatan haaluma barbaachisummaa isaaniitti qopheessuu. Wantoota kana barbaachisa yoo ta'e halluu dibuun bifa waan hojjetamu sanaa wajjin akka wal-fakkaatu gochuun nidanda'ama.

### II. Wantoota ittiin qabsiifamu

Wantoonni ittiin qabsiisuuf tajaajilan kanneen akka: kollaa, uhuu, haphee biqilootaa [adaamii, laaftoo, harbuu, qilxuu, gaattiraafi kan kana fakkaatanitti fayyadamuu nidandeenya.

### III. Wantoota irratti qabsiifamu

Wanta yabbuu ta'e kan akka: Waraqaa yabbuu, Kaartoonii, komporsaatoo, muka batteefi kan kana fakkaatan irratti maxxansuun hojjechuudha.

## B. Akkaataa Hojii Koolaajii

- Ogummaa koolaajii hojjechuuf, duraan dursanii fakkii yookiin saxaxa waan hojjetamu sanaa waan irratti hojjetamu kan akka muka battee, waraqaa yabbuufi kan kana fakkaatan irratti wixinee isaa wixinuu /hojjechuu.
- Wanta ittin qabsiifamu/ maxxanfamu qopheessuu.
- Wixinee waan hojjetamu sana bakka barbaachisaa ta'etti haala of eeggannoo qabuun kollaa (haphee) dibuu.
- Waan qabsiifamuuf qophaa'e (kan akka: waraqaa, rifeensa, baalleefi kan kana fakkaatan) bakka barbaachisaa ta'etti akkuma haala bifa wanta hojjetamu sanaatti qabsiisuu.
- Hamma haala gaariin goguutti utuu hin sochoosiin akka turu taasisuu.

### Shaakala 1

Tartiiba hojii koolaajii asiin olitti baratte hordofuun fakkiiwwan sasalphaa ta'an wantoota naannoo keetti argachuu dandeessu irraa hojjedhu.

## 2.2.2. Maxxansa

**Gocha 5**

Harkakee cilee, dhukkee, boronqii, halluufi kan kana fakkaatan kan argachuu dandeessu dibiitii waan biroo irratti maxxansi.
Erga maxxansiteen booda waan hubatte golaaf dhiyeessi.

### A. Hiika Maxxansaa

Maxxansa jechuun wanta tokko al-tokko erga barreeffamee yookiin bocamee irra deddeebi'anii baay'isuu jechuudha. Ogummaan maxxansaa kan jalqabe biyya Gibxii /Misiraa/tti akka ta'e seenaa adda addaa irraa nihubatama. Kunis wantoota uumamaan jiran halluufi wantoota amala halluu qabaniin tuqanii waan biroo irratti gadi qabanii irraa kaasuun boca wantoota adda addaa akka maxxansaa turan seenaa irraa hubanna. Fakkeenyaaf, baala mukaa kutanii halluu irratti dibuun meeshaa **paappiras** jedhamu irratti maxxansa hojjechaa turan.

**Hub. Paappiras jechuun waan waraqaa fakkaatu, kan warrii Misiraa osoo waraqaan hin uumamiin dura akka waraqaatti kan itti tajaajilamaa turaniidha.**

Walumaa galatti maxxansa jechuun saxaxa/boca tokko qopheessuun yookiin waan uumamaan jiru tokko halluu dibuun, itti biifuun, keessa cuuphuuniifi keessatti dibuun akkasumas, malleen kan biraattis fayyadamuun saxaxicha (bocicha) deddeebisanii baay'isuudha. Akkuma beekamu maxxansa keessatti saxaxni al tokko hojjetame irra deddeebi'amee baay'ifamuu isaatiin maqaan kun akka mogga'eef ibsa gara oliitti kenname irraa hubachuu dandeesseetta.

Bara ammaa kan malli maxxansaa hedduufi kan guyyaa guyyaan jijjiramaa deemuu yoota'u isaaniif ka'uumsa kan ta'an kanneen akka mala maxxansaa kallattii, bilookii, isteensiilee akka ka'umsaatti kaasuun nidanda'ama.

Kanarraa kan ka'e, akkaataa saxaxa hojjetamee qophaa'eetti haalli maxxansa isaas akkasuma ta'a. Kunis, meeshaaleen ittiin maxxansaniifi adeemsi hojii isaallee salphaa irraa gara walxaxaatti akka adeemu beekamaadha. Malli/ Tooftaan maxxansi ittiin hojjetamuu danda'u akaakuu baay'eetu jira. Isaan keessaa tokko maxxansa bilookiiti.

**Hub. Hojii maxxansa bilookii yeroo hojjettan meeshaalee qara qaban wayita gargaaramtanitti of eeggannoo barbaachisu taasisuu qabdu.**

## B. Mala Maxxansa Bilookii

Malli maxxansa bilookii Chaayinootaan kan jalqabe yoo ta'u, innis wantoota akka mukaafi dhagaa irratti saxaxni hojjetamee bocamuun waan amala halluu qabu fayyadamuun wantoota biroo irratti maxxanfama. Ogummaan kun yeroo irraa gara yerootti biyyoota adda addaatti babal'achuudhaan wantoota akka salphaatti bocuun saxaxni irratti hojjetamuu danda'u kanneen akka: mosee, kaarotaa, hundee diimaafi kan kana fakkaatan irratti saxaxa adda addaa hojjechuun kan bocamudha. Saxaxni hojjetamee bocame erga qophaa'ee halluun tuqanii waan irratti maxxansuuf qophaa'e irratti maxxansuun kan hojjetamudha. Malli maxxansaa kun haala lamaan hojjetamuu danda'a. Isaanis:

1. Waan saxaxni irratti hojjetamu irratti saxaxni barbaadame erga hojjetamee booda naannoo saxaxa sanaa achumarratti dhiisuun saxaxa hojjetame bocanii keessaa baasuun [keessatti hanqooqanii gadi dhooqsuun] kan hojjetamu yemmuu ta'u,

2. Akkaataa inni lammaffaan immoo saxaxa qophaa'e sana dhiisuun naannoo saxaxichaa bocanii irraa baasuun kan hojjetamudha.

## Maxxansa bilookii hojjechuuf wantoota barbaachisan:

- Waan saxaxni irratti hojjetamu, kan akka mukaa, mosee, hundee diimaa, pilaastikiifi kan kana fakkaatan
- Waan ittiin bocanii keessaa baasan [meeshaalee qara qaban kanneen akka qarabaa, kataarii, albeefi kan kana fakkaatan]
- Wanta saxaxni sun irratti maxxanfamu, kan akka waraqaafi huccuu.
- Halluu bifa adda addaafi dibduu halluu.

## Akkaataa hojii maxxansa bilookii

- Waan saxaxni irratti hojjetamu qopheessuu.
- Saxaxa barbaadame tokko waan saxaxni irratti qophaa'u irratti wixinuu.
- Sarara saxaxa hojjetame sana hordofuun meeshaa qara qabuun (qarabaan) naannoo saxaxichaa yookiin saxaxicha keessa bocuu [anqooqanii keessatti gadi dhooqsuu].
- Saxaxa qophaa'e kana halluu barbaachisaa ta'e dibuu.
- Saxaxa bocamee qophaa'e sana waan barbaadame irratti maxxansuu.

Hojii kana keessatti osoo jechoota maxxansina ta'ee, mirgaa gara bitaatti garagalchuudhaan meeshaa boci sun irratti qophaa'u irratti hojjechuun barbaachisaadha. Sababni isaas bocni sun yommuu maxxanfamu gara mirgaatti garagalee akka maxxanfamuufi.

Mala maxxansa bilookii wantoota baay'ee irraa qopheessuun kan danda'amu ta'ullee, wantootni bocuuf sasalphaa ta'an kanneen akka

mosee, mukaa, gommaa (pilaastikii), hundee diimaa, kaarotiifi kan kana fakkaatan irraa hojjechuun nidanda'ama.

**Mosee irraa**

- Mosee hojii kanaaf mijaa'aa ta'e filachuu.
- Mosee qophaa'e kana haaduudhaan bakka lamatti kutuu.
- Saxaxa barbaadame fuula mosee muramee irratti hojjechuu.
- Saxaxa hojjetame sana dhiisuun naannoo isaa hanqooqanii gadi dhooqsuu yookiin saxaxa sana hanqooqanii keessatti gadi dhooqsuu.
- Saxaxa haala asiin olii kanaan qophaa'e halluun tuqanii waan saxaxni akka irratti hojjetamuuf qophaa'e irratti gadi qabanii irraa kaasuudhaan saxaxa qophaa'e kana deddeebisanii haala bareeduun maxxansuu.

Mala kanaan yommuu hojjechuu jalqabdu saxaxa ji'omeetirii salphaa ta'an irraa ka'uun gaarii ta'a.

## Hojii kana keessatti of eeggannoo barbaachisu

- Meeshaan ittiin saxaxa bocanii keessaa baasan kan qara qabu waan ta'eef, qaama kee akka hin murreef of eeggachuu qabda.
- Gadi fageenyi saxaxni sun lixuu kan qabu miiliimeetira 3-4 yoo caaluu baate gaariidha.
- Yeroo saxaxa muranii baasanitti akka hin cabnetti eeggannoo gochuun barbaachisaadha.



Fakkii 2:2. Fakkii maxxansa bilookii mosee irraa hojjetame agarsiisu

## Shaakala 2

1. Mosee irratti saxaxa hojjechuun maxxansa bilookii agarsiisi.
2. Akkaataa asiin olitti baratteen goommaa /soolii kophee / irraa chaaphaa maqaa kee qabu qopheessiitii maxxansuun agarsiisi.

**Hub:** Goommaa/ soolii kophee irraa yeroo chaappaa maqaa keessan qabu hojjettan qubee garagalchitanii barreessuu akka qabdan yaadachuun barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf, Chaappaa Odaa jedhu yoo hojjechuu barbaanne akka isa 1ffaa irra jiruuttii garagalchinee barreessina jechuudha. Garuu yeroo maxxansamu akka barreeffama asiin gadiitti isa 2ffaa irra jiruutti sirratee maxxanfama.

1ffaa

Odaa

2ffaa

# Odaa

Walumaa galatti, malli maxxansaa kun saxaxa/ boca barbaadamu tokko qaama wanta saxaxni/ bocni irratti hojjetamu sana irraa olkaasuufi gadi dhooqsuun kan hojjatemudha.

# 2.3. Uffannaafi Wantaa Fayyadamuun Tiyaatira Agarsiisuu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

Uffannaafi wantaa garaagaraa fayyadamuun tiyaatira ni agarsiista.

**Marii 1**

Akaakuun uffannaa namoonni hojii garaagaraa hojjetan uffatan walfakkaatadhaa? Irratti mari'adhaatii kutaa keessatti walitti himaa.

Mata duree kana jalatti barattoonni uffannaafi wantaa isaan barbaachisu fayyadamanii tapha gabaabaa bifa tiyaatiraatiin akka kutaadhaaf dhiheessan kan akeekuudha. Fakkeenyaaf seenaa jalqabbii tiyaatiraa waliin walqabatee uffanni waltajjii tiyaatiraa kan jireenya guyyuu keessatti uffannu irraa adda kan taasisu kalaqa seenaa sanaa irratti kan hundaa'e ta'uu isaati.

Mata duree kana jalattis, uffannaafi wantaa fayyadamanii barattoonni tiyaatira akka dhiheessaan kan qajeelchudha. Kanas, barattoonni yoomessa seenaa tapha dhiheessan irratti hundaa'uudhaan fakkaattii bakka bu'an sana dhugoomsanii akka agarsiisaniif gargaara. Uffannaafi wantaa mana isaanii yookaan naannoo isaanitti argamutti fayyadamuun osoo of hindhiphisin bifa salphaa ta'een qooda fudhatan sana ta'anii agarsiisuun nidanda'ama.

Fakkeenyaaf, tiyaatirri isin qopheessitan waa'ee barsiisaafi barataa ilaallata yoo ta'e namni barsiisaa bakka bu'ee hojjetu tokko barsiisaa fakkaatee argamuu jechuudha. Kanas, wantootaa barsiisaan itti fayyadamuu qabuufi uffata naamusa barsiisaa eegan uffatee qooda kennameef sana taphachuu jechuudha. Meeshaaleen barsiisaan itti fayyadamu kanneen akka boronqii, gabatee gurraacha, haxooftuu, waraqaa, kitaaba, qalamaafi waan kana fakkaataniidha. Gama biraatiin seenaan yookaan waa'een isin dhiheessitan waa'ee maatii tokkoo yoo ta'e, haala maatiin sun fakkaataniifi waan isaan itti fayyadaman sana itti fayyadamnee maatii fakkaannee waan dabarsuu barbaanne sana hawaasaaf dabarsuu dandeenya. Yoo uffannaafi wantaa hinfayyadamne wanti dhihaatu sun nama hinhawwatu, akkasumas, dhugummaa hinqabaatu.

## Uffata

Uffata (Costume) jechuun uffata addumatti dhiyaannaa mataa isaa qabuufi gochoota murtaa'aafi yoomessa murtaa'aa seenaa kalaqamee keessatti haala seenicha fakkaatuun kan qophaa'ee waltajjii irratti parfoormaansiin ittiin dhiyaatuudha.

Fakkeenyaaf haala murtaa'aafi gochoota muraasa yemmuu jennu uffata konkolaachisummaa, uffata bishaan daakkii, uffata Hurruubbii ykn shubbisaa/daansii uffata halkaniifi uffata yeroo keessa jirruufi hojii dalagnuu waliin kan wal madaalu uffata uffatamu jechuudha. Karaa biraa ammo uffata safuufi duudhaa aadaa qabu jechuus nidandeenya. Gama biraatiin uffatni tiyaatiraa dhiyaannaa addaa Namfakkii seenaa keessa jiru kan ibsuufi akkasumas parfoormaansii tiyaatiraa waltajjii irratti hawaasaaf dhiyaatu irratti kan gargaaruufi akkaataa seenichaatti kan uffatamuudha. Uffatni dhiyaannaa addaa qabu kun

kaayyoo seenichaa kan dhugoomsuufi fudhatamummaa nam-fakkiis kan mirkaneessuudha. Akkasumas, parformaansii fiilmiifi televizhina keessattillee kan nu gargaaruudha.

## Faayidaa Uffata Waltajjii Tiyaatiraa

- Yoomessa seenaa dhiyaatu ibsuuf
- Dandeettii kalaqa barreessaa nimul'isa
- Eenyummaa Nam-fakkiia ibsuuf nigargaara
- Safuufi duudhaa aadaa barsiisuuf ni oola
- Miidhagina waltajjiitiif shoora qabaata
- Akaakuu bartaphee tiyaatiraa mirkaneessuuf oola
- Ergaa seenaa bartaphee ibsuuf gargaara

## Wantaa Tiyaatiraa

Wantaa tiyaatiraa jechuun meeshaa addaa taatonni harkatti qabatan, mataarratti kaayatan, mudhiitti hidhataniifi kanneen dhaaba manaarratti fannifamanfi kkf. Jechuudha. Akkuma wantaan aadaa jiru wanti tiyaatiraas nijira. Wantaa tiyaatiraa jechuun akka meeshaaleetti kan nu gargaaran wantoota miidhagina pirodaakshinii seenaa dhiyaatuu waltajjii irratti ykn iskiriinii irratti mul'ataniifi waltajjii bareechaniidha.

## Kaayyoo Wantaa Tiyaatiraa

- Mil'uu seenichaa miidhagsuuf
- Miira jamaa/daawwattootaa qabachuuf gargaara
- Hanqina jiru guutuuf oola
- Ergaa bartaphee ibsuuf
- Haala mijataafi dhiyaannaa gaarii seenichaa uumuuf
- Odeeffannoo nam-fakkiilee himuuf gargaara

- Nam-fakkii tumsuuf oola
- Haala qabannaa waltajjii keessatti Nam-fakkii gargaara

## Gocha 6

Bartaphee seenaa of danda'e irratti hundaa'ee barreeffame tokko fudhachuun erga sirriitti dubbistanii hubattanii booda uffannaafi wantaa seenaa sana waliin deemu kalaquun hojjechuun agarsiisaa!

## Cuunfaa Boqonnaa 2

- Yeedaloon sagalee furdaa, qallaafi giddu galeessi adda ba'ee nootaadhaan gabatee muuziqaa irratti kileefota faayyadamnee barreessina.
- Nootaawwan muuziqaa maqaadhaan moggaafamanii gabatee muuziqaa irratti tartiibeeffamu.
- Gabateen muuziqaa sarara shaniifi bakka duwwaa afur kan qabuudha.
- Kileefiin muuziqaa istaafii irratti yeroo mara jalqaba irratti barreeffamuun sagalee uumamu addaan baasuuf faayidaa guddaa kan kennudha.
- Maxxansa jechuun wanta tokko al-tokko erga barreeffamee yookiin bocameen booda irra deddeebi'anii baay'isuu jechuudha.
- Ogummaan maxxansaa kan jalqabe biyya Gibxii /Misiraa/tti yoo ta'u, innis maxxansa kallattiiti.
- Paappiras jechuun waan waraqaa fakkaatu, kan warri Misiraa osoo waraqaan hin uumamiin dura akka waraqaatti itti tajaajilamaa turanidha.
- Malli maxxansaa bilookii maloota maxxansaa jiran keessaa

mala salphaafi namni kamiyyuu hojjechuu danda'udha.

- ✍ Malli maxxansa bilookii Chaayinootaan kan jalqabedha.
- ✍ Koolaajii jechuun waraqaa mummuramee waan tokkotti qabsiisame (maxxansame) jechuudha.
- ✍ Uffannaafi Meeshaalee barbaachisan fayyadamanii tiyaatira agarsiisuun seenaa dhiyaataa jiru kan dhugoomsuudha.
- ✍ Uffataafi meeshaalee gargaaramuun tiyaatira dhiyeessuun seenaa jalqabbii tiyaatira waliin walqabta.
- ✍ Bareedina tiyaatira dhiyaatuuf gumaachi inni qabu guddaadha.

## Gilgaala Boqonnaa 2

### I. Gaaffilee asiin gadii hima sirrii ta'een dhugaa kan sirrii hin taaneen immoo soba jedhii deebisi

1. Maxxansi baalaan hojjetamu, maxxansa biyyi Misiraa hojjechaa turaniiti.
2. Warri biyya Misiraa wantoota uumamaan jiran irratti halluu dibuun akkuma jirutti maxxansaa turan.
3. Boca hojjetamu olkaasuufi gadi dhooqsuun maxxansi hojjetamu, maxxansa bilookii jedhama.
4. Meeshaalee fayyadamanii tiyaatira dhiyeessuun bareedina seenichaaf gargaara
5. Uffataafi wantaa gargaaramuun jalqabbii tiyaatiraan hariiroo qaba

### II. Gaaffilee asiin gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Ogummaan maxxansaa Bilookii biyya kamitti jalqabe?


   A. Itoophiyaa B. Gibxii

   C. Chaayinaa D. B fi C


2. Maxxansa kallattii hojjechuuf kan tajaajilu isa kami?
   A. Baala B. Barruu harkaa
   C. Faana miilaa D. Hunduu deebiidha.
3. Malli maxxansaa eessatti jalqabe?
   A. Roomaa B. Misiraa
   C. Chaayinaa D. Ameerikaa
4. Kanneen asiin gadii keessaa maxxansa bilookii hojjechuuf kan oolu isa kami?
   A. Mosee B. Gommaa
   C. Hundee diimaa D. Hunduu deebiidha.
5. Jechi "Koolaajii" jedhu, jecha afaan kam irraa kan dhufedha?
   A. Roomaa B. Faransaayi
   C. Ameerikaa D. Chaayinaa
6. Wantoota asiin gadii keessaa koolaajii ittiin hojjechuuf kan hin oolle isa kami?
   A. Huccuu B. Rifeensa
   C. Cirracha D. Waraqaa

## III. Akkaataa gaafatamteen hojjedhu.


1. Maqaa moggaafama mallattoo nootaa guutuun gabatee muuziqaa asiin gadii barreessi.





2. Moggaafama maqaa sagaleewwan barraa'aniif gabatee muuziqaa (Istaafii) qopheeffadhuutii mallattoo nootaa guutuu fayyadamuun guuti.




3. Moggaafama maqaa nootaalee asii gadii barreessi.




4. Moggaafama maqaa sagaleewwan barraa'aniif gabatee muuziqaa (Istaafii) qopheeffadhuutii mallattoo nootaa guutuu (o) fayyaadamuun guuti.




5. Warri Misiraa osoo waraqaan hin uumamiin dura, akka waraqaatti ____________ gargaaramaa turan.

# BOQONNAA 3 AADAAFI SEENA

## 3. Haala qabatamaa aadaafi seenaa og-aartiiwwaniin

### Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

**Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:**

- Akaakuuwwan muuziqaa aadaa adda nibaafta.
- Shubbisa hawaasni itti fayyadamu keessa tokko ni agarsiifta.
- Hariiroo aadaafi og-argaa niraajeffatta.
- Iddoo ka'umsa og-argaa dhala namaa nihubatta.
- Afoola og-tiyaatiraan ni agarsiifta.
- Oduu duriifi sheekkoo bar taphee tiyaatiraatti nijijjiirta.

### Seensa

Boqonnaa darban keessatti maqaa nootaalee muuziqaa moggaasuu, barreessuu kileefootaafi faayida isaanii barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo waa'ee akaakuuwwan muuziqaa aadaafi shubbisa hawaasni itti fayyadamu baratta. Dabalataanis boqonnaa darban keessatti waa'ee hiika, seenaafi faayidaa maxxansaa, koolaajii barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo waa'ee hiikaafi seenaa

aartii holqaa, akkasumas hariiroo aartiifi aadaan qabu nibaratta. Haala kanaanis wantoota naannoo keenyatti argaman irraa hojiiwwan og-argaa sasalphaa tokko tokko nihojjetta. Akkasumas, maalummaa afoolaa erga barattee booda, afoola beektu gara og-tiyaatiraatti jijjiiruun kan barattu ta'a.

## 3.1. Akaakuuwwan Muuziqaa Aadaafi Shubbisaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Akaakuuwwan muuziqaa aadaa adda baastee ni ibsita.
- Akaakuu shubbisa aadaa Oromoo adda nibaasta.
- Shubbisa naannoo kee gochaan ni agarsiifta.

### 3.1.1 Akaakuu Muuziqaa Aadaa

**Gaaffii Hubannoo**

Akaakuuwwan muuziqaa aadaa kamfa'a?

Muuziqaan aadaa hawaasa keenya biratti baay'ee beekamoofi jaallatamoodha. Aadaa boonsaa Ummanni Oromoo qabu keessaa muuziqaan ***aadaa*** isa tokkoodha.

Muuziqaan aadaa Ummata Oromoo biratti iddoo ol aanaa kan qabuufi akka ibsituu eenyummaa sabaatti kan ilaalamuudha. Akkuma ummanni Oromoo baay'ee bal'aafi guddaa ta'e muuziqaan aadaa isaatis akkasuma. Kanarraa kan ka'e muuziqaan aadaa ummata Oromoo akaakuu gargaraa

kan qabuufi haala garagaraatiin yeroo adda addaa keessatti kan raawwatuudha.

## A. Muuziqaa Aadaa Yeroo Hojii

Sirbi hojii kan yeroo hojii dadhabbii malee hojii sana hamileedhaan akka hojjannuuf itti fayyadamnuudha. Keessumaa yeroo jigii/daboo sirbi kun baay'inaan taphatama. Akkasumas, yeroo haamaa, yeroo qonnaa, yeroo midhaan araman, yeroo midhaan tumaniifi k.k.f kan itti fayyadamamuudha.

Fakkeenya sirba yeroo midhaan tumanii

Looni yaa loonishee Looni yaa loonishee
Loontu maal hin taane
Waan loonii maaltu badaa ta'ee
Kotteen shinii ta'aa, kan bunaan dhuganii
Gaafni faldhaana ta'aa, kan marqaan nyaatanii
Erbeen itillee ta'aa, kan irra bulanii
Foon irbaata ta'aa, kan ittiin bulanii
Faltiin qoraan ta'aa,
Kan ittiin bilcheessani.
Looni yaaloonishee, afaaniin huuba guurii
Kotteen barakaa guurii
Looni yaa loonishee dibatan miidhagsoo
Looni yaaloonishee dhugan qabaneessoo
Looni yaaloonishee dhugan qabaneessoo
Gurrolee yaadalluu Wabii
Dallaan loonii maagarri kuulaa
Dallaan loonii maagarri kuulaa
Sin faarsaa roga gali yaa gurroolee

Gurroolee kotteen xiyyoo fakkaatu shimdhahii
Kottee keetiin nanshi yaa loonii
Gaafa keetiin manshii yaa gurroolee
Roorrisaa ilma dhalchi yaagurroolee
Roorroo mitii makaraa
Makarri gahuu ga'e yaa gurroolee
Margaan si gahuu ga'ee
Maddaan sii gahuu ga'ee……

## B. Sirba Cidhaa

Sirbi cidhaa aadaa Ummata Oromoo biratti sirba Gadaatti aanee iddoo



olaanaa kan qabuudha. Sirbi cidhaa kun ummata Oromoo biratti bakka gurguddaa saditti qoodamee tajaajila kenna.

Isaanis: Kan jal-bultii, kan yeroo cidhaafi kan cidha boodaa jedhamu. Sirbi cidhaa inni mana misirrichaatiifi mana misirrittiitti taphatamu bakka tokko tokkotti garaagarummaa qaba. Akkasumas namoonni taphatan umuriifi koorniyaa garaagaraa qabu.

### Fakkeenya 1.

Baala shokokkee 2x
Eessa dhaqxa soddee
Naafa gotottee
Cabi akka sooyyoma xobbee

### Fakkeenya 2

Fiddee dhufnaan yaa ulfinashi/2/
Gattee dhufnaan yaa salphinashi
Warru hin galchu yaa babbadishii

Isa dhabanaan gara firashii

Firruu hin galchu ya salphinashi

Haadhatu beeka salphoo intalashii

## Gocha 1

Sirba cidhaa keessaa gurbaan yeroo mana intalaa dhaqu akka naannoo keetti maal jedhamee akka sirbamu dareef ibsi.

## C. Hoole manshoo/Faaruu gaafa boo'ichaa

Hoole manshoo/Faaruu gaafa boo'ichaa yeroo namni du'e seenaa nama sanaa kaasuun, dhaadhessuun wal yaadachiisuun kan faarfamuudha. Kunis nama gootummaan beekamaa ta'eefi mootii biyyaafa'a yoo ta'e boochifama. Kana malees dubartiin abbaa warraa irraa du'e faarfachaa boossi.

## D. Sirba Giiftii

Sirbi giiftii kan yeroo dubartiin deessu sirbamuudha. Kunis dubartoonni yeroo dubartiin tokko deesse gammachuu deessuu sanaa ibsuuf jecha taphataniidha.

**Fakkeenya:**



Sunqoo sunqoo jette maaramoo
Sunqoo bar'uu shan ammaarrattee
Yeroo nafaa shan nawaammattee
Nafaa baanan na'irraanfattee
Jette maaramoo

## Gocha 2

Sirba dubartiin yeroo deessu sirbamu/ Sirba giiftii tokko maatii kee gaafadhuutii dareef dhiyeessi.

## E. Geerarsa

Geerarsi ummata Oromoo biratti baay'inaan kan beekamuufi haala adda ta'een kan taphatmuu dha. Geerarsi gootummaa ykn jajjabina nama tokkoo ibsuuf kan taphataniidha. Akka aadaa Oromootti geerarsi kan geeraramu namoota ga'eessotaan yoo ta'u innis sababa tokkoon walqabsiisuun geerarama.

Geerarsi irra caalatti kan geeraramu dirree waraanaatti loltoota jajjabeessuuf, seenaa gootaa raajeffachuuf sanyii ofii faarsuuf, aarii ofii ibsachuufi kan kana fakkaataniidha.

## 3.1.2 Shubbisa Aadaa

Muuziqaa keessatti shubbisni isa jalqabaafi mi'eessituudha jechuun nidanda'ama. Shubbisni muuziqaa sagaleen jedhamu gara sochiitti jijjiiruun bifa nama hawwatuun agarsiisuudha. Oromiyaa iddoo garagaraatti shubbisni ogummaa raawwii sochii qaamaa hedduu kan qabaniifi maqaalee gara garaatiin beekamu. Shubbisa aadaa Oromiyaa iddoo garagaraatti shubbifaman keessaa muraasni kan asiin gaditi.

- Shubbisa Booranaa/ Gabraa "Hoohayyoo"
- Shubbisa Gujii "Sarbicha"
- Shubbisa Wallagga "Geelloo,Kumkummeefi Emmolee"
- Shubbisa Iluu abbaa booraa "Tirtirsa"
- Shubbisa Jimmaa "Oltumeefi Gattumee"
- Shubbisa Shawaa "Dhiichisa, Ragada, Ish-keekkeefi dhaadannoo

geerarsaa"

- Shubbisa Tuulama sooddoo "eebolaalaa"
- Shubbisa Arsii "Tirrii, Baddicha, Laanganicha…"
- Shubbisa Baalee "ish-kummee"
- Shubbisa Harargee "Shaggooyyeefi mirrisa"
- Shubbisa Kamisee "Hammisa, Sidaammee/ Sidaabeefi askoobir"
- Shubbisa Raayyaa "gubeelolee"

**Gocha 3**

Shubbisa aadaa naannoo keessanii garee gareetiin ta'uun gochaan agarsiisuun daree keessaniif dhiyeessaa.

# 3.2. Akaakuuwwan og-argaa seenaa keessaa jiran

## 3.2.1. Aartii Holqaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Iddoo ka'umsa og-argaa ni ibsita.
- Bara durii holqa dhalli namaa keessa jiraachaa ture keessatti aartiiwwan maal maal akka hojjetaman nihimta.

**Marii.1**

Gaaffilee asiin gadii garee gareen erga irratti mari'attaniin booda yaada keessan dareef gabaasa.

1. Barattoota; holqa/boowwaa naannoo keessanitti argitaanii beektuu? Yoo kan beektan ta'e, holqi waan akkamiiti?
2. Holqi/Boowwaan naannoo keessanitti ni argamaa?
3. Aartiin holqaahoo maali?

Holqi/Boowwaa qaama dhagaa yookiin muka guddaa kan qaamni isaa gam-tokkoon hulaa ofirraa qabu jechuudha. Garuu akka qabiyyee barnoota kanaatti; Holqa jechuun dhagaa guddaa yookiin qaama lafaa kan hulaa seensaa qabaatee ilmi namaa bara dur-durii osoo akka ammaa mana ofii isaa wanta barbaade irraa ijaaree akkasitti jiraachuu hin eegaliin dura kan dahoo godhatee keessa jiraachaa ture jechuudha.

Ilmi namaa bara durii irraa eegalee fedhii, miira, yaada isaa og-argaan ibsachaa akka ture seenaan ni ibsa. Isa kanaaf immoo ragaa kan ta'an hojiiwwan aartii holqaa/ boowwaa ilaaluun nidanda'ama. Holqa dhalli namaa dirra isaa irratti diba halluutiin mallattoo hojjechaa turan kanneen sadarkaa addunyaatti beekamoo ta'an nijiru.

Akka naannoo keenyaattis holqa bara durii dhalli namaa keessa jiraachaa turan nijiru. Garuu haa jiraataniyyuu malee, sababoota garagaraa irraan kan ka'e waa'een holqa naannoo keenya keessatti argamanii qo'annaa guddaan irratti hin gaggeeffamne.

Ilmi namaa bara durii yommuu holqa keessa jiraachaa ture irraa eegalee naannoo keessa jiraachaa ture mijataafi hawwataa taasisuuf jecha wantoota garagaraa bocaafi dibaa akka ture seenaan ni ibsa. Fakkiiwwan bara durii keessa keenyan holqaa irratti hojjetamanii argaman: Fakkii Gadamsaa, Fardaa, Gafarsaa, namoota adamoo adamsaniifi kan kana fakkaatan turan. Yeroo kanatti diba halluu hojjechuuf hedduuminaan halluuwwan Keelloo, Diimaa, Gurraacha/ Cileetti gargaaramaa kan turanidha. Bara sanaa jalqabee og-argaan jalqabame jechuudha.







Fakkii 3:1. fakkiiwwan keenyan holqa laga odaa irra jiran agarsiisu

Holqa naannoo Oromiyaatti argaman keessaa immoo beekamoon: Holqa laga odaa, Daaroofi kan kana fakkaatan kaasuun nidanda'ama. Holqi kunnin lamaan Harargee lixaafi bahaatti kan argaman ta'ee, bakka jireenya dhala namaa akka turaniifi hanga ammaatti hambaaleen aartii dhala namaa kan jireenyaafi sochii yeroo sanii agarsiisan irratti argama.

Yeroodhaa gara yerootti namni qaroominaan yookiin sammuun guddachaa akkuma adeemeen hojiiwwan og-argaa tajaajila adda addaatiif oolchuu jalqabe. Faayidaa hojiiwwan og-argaa qaban keessaa muraasni isaanii; aadaa, seenaafi duudhaa ittiin calaqqisiisuuf, ergaa amantaa ittiin dabarfachuuf, ittiin bohaaruuf, miidhagina ittiin agarsiisuufi tajaajila barnootaa yookiin mata-dureewwan adda addaa ilaalchisee hubannoo uummataa ittiin cimsuufi gabbisuuf gargaara dhufe. Yeroo ammaa kana dhalli namaa og-argaa akaakuuwwan hedduutti qoodee hojjechaa kan jiru yoo ta'u, isaan kanaaf ka'umsa kan ta'e hojii bara sana holqa keessatti dhalli namaa wantoota naannoo isaatti argachuu danda'utti dhimma bahuun; jiruufi jireenya yeroo sanaa ibsachuuf kan akka wixinee, dibaa halluufi bobbocaa kaasuun nidanda'ama. Adeemsa yeroo dheeraa keessa darbuun akaakuun og-argaa yeroo ammaa kana sadarkaa aartii ammayyaafi

as dhihoo irra ga'ee jira.

Bara durii yeroo ilmi namaa holqa keessatti jiruufi jireenya isaa adeemsiisaa turetti; gadda, gammachuu, jaalala, fedhii, hawwii, duudhaa, aadaafi kan kana fakkaatan holqa keessatti karaa hojii akaakuuwwan og-argaa hedduutti fayyadamaa turee jira. Yeroo kana, jireenyi isaanii gareen walitti dhufanii kan waliin jiraatan turan osoo hin taane, turtii keessa waliin jireenyi hawaasummaa kan jalqabaniifi haalli hojmaata og-argaas dagaagsaa dhufuun, kan akka ijaarsa manaa, hojii uffata dhahanii uffachuu, faayi qaama namaa irratti hojjetamuufi kan kana fakkaatan guddachaa akka deemu ta'eera.

Dabalataan immoo, waliin jireenyiifi dagaaginni haala hojmaata isaanii irraa kan ka'e aadaan akka uumamuuf sababa ta'eera. Haalli jireenya ilma namaa guddachaa deemuun adeemsaafi waraaqsa hedduu keessaa darbuun jireenya ilma namaa isa amma keessa jirruu kana akka gahuuf sababa ta'eera. Kanaaf og-aartiin madda aadaa ilma namaa ta'eera jechuudha. Fakkeenyaaf, hawaasa goodina tokkoo fudhannee yoo ilaallee, meeshaaleen isaan fayyadaman, halluufi paatarniin uffata isaanii irratti fayyadaman, haala ijaarsa manaafi kan kana fakkaatan yeroo dheeraadhaaf fayyadamuu irraa kan ka'e aadaa isaanii ta'ee akka fudhatamu godha.

Walumaa galatti, ilmi namaa adeemsa bu'aa ba'ii jireenya isaa holqaa kaasee hanga ammaatti jiru keessatti yeroodhaa gara yerootti wantoota gara garaa kalaqaafi itti fayyadamaa kan turedha.

# 3.3. Himamsa Afoolaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Afoola og-tiyaatiraan ni agarsiifta.
- Oduu duriifi sheekkoo bar taphee tiyaatiraan ni agarsiifta.

**Gaaffii hubannoo**

1. Afoola yeroo jedhan dhageessee beektaa? Yoo dhageessee beekta ta'e kutaadhaaf ibsi!
2. Afoola Oromoo keessaa kan beektan walitti himaa!

Afoolli dubbii afaaniin yeedaloon kennameefii, yookaan otoo hin kennamiin kalaqaafi oguma dhimma hawaasummaa adda addaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Afoola jechuun uummata Oromoo biratti kalaqa uummataa kan afaaniin yookaan himamsaan dhalootaa dhalootatti darbuudha. Ummanni Oromoo sirna barnoota ammayyaa kana osoo hinjalqabin dura eenyummaafi dandeettiisaa afoolaan walii dabarsaafi wal barsiisaa, akkasumas, eenyummaasaa addunyaaf ibsaa ture; har'as ibsaa jira.

Ummata Oromoo qofa osoo hintaane, uummatni Afrikaa uummata eenyummaasaa afoolaan dhalootarraa dhalootatti dabarsaa jiruufi dabarsaa tureedha. Oromoon saba afoolaan badhaadhedha. Kunimmoo, cimina uummata keenyaa kan ibsuudha. Aadaa, amantii, falaasama, seenaa, safuu, duudhasaa afoolatti fayyadamee dhalootaa dhalootatti dabarsaa ture, akkasumas, dabarsaa jira.

Walumaa galatti, afoolli meeshaa aadaa, duudhaa, seenaa, hawwii, gadda, gammachuu, qaroomina, ogummaa, jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin ibsamuudha. Akkuma beekamu sabni Oromoo yeroo dhi'oo as kan inni sirna barreeffama mataa isaa hojjechuun itti fayyadamuu eegale. Yeroo dheeraadhaaf barreeffama malee afoolaan jiruuf jireenya isaanii gaggeeffachaa turan. Kun ammoo kan inni muul'isu sabni kun beekumsa xabbootiin dandeettifi oggumaa adeemsa jireenya keessatti kuufate dhalootaa dhalootatti afaaniin bifa adda addaan dabarsaa turuu isaati.

Afoolli kunis, akaakuu gara garaatti qoodamu. Isaanis, geerarsa, hibboo, mammaaksa, durdurii, sheekoo, faaruu, weedduufi kanneen kana fakkaataniidha. Afoola Oromoo keessaa muraasasaa asii gaditti haa ilaalluu!

## 3.3.1 Geerarsa

Geerarsi akaakuu afoolaa keessaa tokko ta'ee, saba Oromoo biratti baayyee beekamaadha. Jalqabbiin geerarsaa gootummaa akka ta'e maanguddoonni Oromoofi beektonni nidubbatu. Sabni Oromoo geerarsatti fayyadamee, gammachuu, gadda, quuqqaa, aarii, xiiqiifi booreesaa ibsata. Yeroo adda addaas dhimma garagaraatiif geeraru. Tokko ajjeesee gammadee geerara. Kaanimmoo milkaa'uu dhabee aariin geerara.

Tokko sooromee yeroo geeraru, inni biraammoo, hojjetee bu'aa dhabee deegarratti geerara. Akkasumas, geeraree gootatti hamilee godha, geerare lugna/nunna aarsee onnee itti hora. Kan hojiitti cimee soorame jajjabeessee, dhibaa'atti onnee hojii uuma. Garbummaa jala yoo jiraate, geerare garbummaa jalaa akka bahaniif bilisummaa labsa. Diinagdeerratti jigii (daboo) waliif bahee geerare waljajjabeessa.

Jiruuf jireenya saba Oromoo keessatti geerarsi qooda gudda

qaba. Miira gammachuu, miira gaddaa, miira aarii, mararfannaafi xiiqeffannaan guutameen waan geeraramuuf akka salphaatti namaa gala. Akkasumas, ergaa guutuu dabarsa. Kunimmoo, geerarsi siyaasa, diinagdee, eenyummaafi jiruuf jireenya saba Oromoo keessatti shoora guddaa akka qabu nu hubachiisa.

**Fakkeenya asii gadii kana dubbisi!**

*Geerar geerar naan jedhuu,*
*Geerarii maal na gorsu*
*Dhiira garaanuu hin obsuu.*
*Yoon geerare maal qaba?*
*Eessa kootu mudaa qaba?*
*Eessumni koo qeerransaa*
*Abbaan koo leenca kormaa*
*Eenyu abbaasheetu naan morma?*
*Daagujjaa mataa diimaa*
*Warri keenya hinqotani*
*Warra qotetu beekaa*
*Gadhee garaan fincaanii*
*Warri keenya hindhalchanii*
*Warra dhalchetu beeka.*

## 3.3.2 Sheekkoo

Sheekoon namfakkiileen yookaan waa'een inni dubbatu bineensota bakka buusuun akka waan bineensonni waliin dubbatanii akkasumas, waliin mari'atanii, waliin hojjetaniifi wal lolaniitti rakkoofi gidiraa dhala namaa mudachuu danda'an barsiisa. Waltajjii sana irratti bineensonni akka namaatti walbulchu, walgowwomsu, haxxummaa, garaa walitti jabaatu, garraamummaa labsu, walgidirsu, walfonqolchuuf tattaafatu. Kun hundumti isaa kan dhalli namaa sammuu isaa keessatti kalaqee

dhugaa hawwaasa keessa jiru bineensota bakka buusuudhaan kan ittiin walbarsiisaniidha. Keessumaa daa'imman fuulduratti rakkoowwan mudachuu danda'an akkamitti jalaa akka miliquu danda'an barsiisuu irratti gahee olaanaa qaba.

## Sheekkoo asiin gadii og-tiyaatiraan dhiyaate kana dubbisi!

*Akkas ture! Yeroo tokko allaattiwwaniifi bineensotatu lola cimaa tokko wal-lole jedhama. Lola kanarratti sanyiin bineensotaafi allaattiwwanii baay'een erga dhumanii booda, bineensonni injifatan. Lola kanarratti eenyuummaanshee Kan hinbeekamne Simbirri halkanii hinhirmaanne.*

**Simbira halkanii:** *Ani sanyii keessan waanan ta'eef isin waliin jiraachuun qaba*

**Bineensota Kaan:** *lakki nutti hin makamtuu, sanyii diinota keenyaati*

**Simbira halkanii:** *lakkii ani sanyii keessani yoo na amanuu dadhabdan harma koo ilaalaa"*

**Bineensota Kaan:** *kun dhugumaa sanyii keenya. (jedhanii ofitti dabalan)*

*Ammas lolli kun uumame allaattiwwaniifi bineensonni kun wal-lolan. Lola kanarratti simbirroonni humna qaban fayyadamanii mo'atan.*

**Simbira halkanii: (simbirroota bira deemuun)** *Jarana injifanneerra, kanaafuu, anis sanyii keessan waanaan ta'eef isin waliin jiraachun qaba*

**Allaattiiwwan:** *"lakkii ati sanyii keenyaa mitii diina keenyaa badi asii"*

***Simbira halkanii:*** *"ani sanyii keessanii kochoo koo ilaalaa*

***Allaattiiwwan:*** *(Erga ilaalanii booda) Dhugumaayyuu sanyii keenya*

*(jedhanii ofitti makan)*

*Lolli sadaffaan ammas jara kana gidduutti uumame. Ammammoo, bineensonni injifatan. Yeroo kana simbirri kun gara dhaqxu dhabde.*

***Simbira halkanii:*** *(bitaa itti galee) Bineensota bira dhaquuf dura*

*itti sobeera. Gara allaattiiwwaniis deemuuf isaanittis*

*sobeera. Garamittin gora laata?*

**Gocha**

Sheekkoo Og-tiyaatiraan dhiyaate kanarraa maal akka hubattan mar'adhaa dareef dhiyeessaa ?

### 3.3.3 Oduu durii

Oduun durii seenaa addunyaa kana keessatti bara dheeraa dura raawwate seenessa. Taateewwan raawwataman dhugaa irratti hundaa'uun kan dhihaataniidha. Namfakkiileen oduu durii keessatti fayyadamanis namoota bakka buusanii akka seenaan seneffamu sun nama irratti ta'eetti himama. Oduu duriin kun kan inni seeneffamuuf daa'imman bu'aa bahii jireenyaa salphumatti akka irraa hubachuu danda'an barsiisuufiidha.
Maanguddoon galgala galgala abidda bira taa'anii daa'imman shaakalchiisu. Daa'imman maanguddoo irraa waan dhagahan waltajjii hiriyaa irratti deebisanii seenessuu shaakalu. Haala kanaan afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti lufa. Oduu durii kanaan daa'immaan gorsaa, barsiisaa, haala naannoofi eenyummaa isaanii hubachaa guddatu.

Oduu durii asiin gadii kan gara og-tiyaatiraatti jijjiirame kana hubadhu. Erga hubattee booda qooda fudhachuun agarsiisi.

## Namoota Sadii

*Bara Dur-durii namoota sadiitu intala namicha tokkoo fuudhuuf itti ergatan. Inni tokko gamna, inni lamaffaan goota, inni sadaffaan immoo lugna (sodaataa) turan. Namni intallisaa itti ergatamte kun, maanguddoota ollaa yaa'ii waamee intalasaa eenyutti akka heerumsiisuu qabu mariisise.*

**Abbaa intalaa**: *Egaa wantiin isin waamef, Namoota saditu intala kiyya fuudhuuf ergatan.*
*Isaanis, inni tokko gamna, anni lammaffaan goota, inni sadaffaan lugna. Jarreen sadan kana keessaa isa kamitti heerumsiisu jedhee isiniin mari'achuufi.*
*(maanguddota yaa'icharratti argaman gaafate)*

**Maanguddoo 1ffaa**: Intala kee namicha isa gootatti heerumsiisi.

**Maanguddoo 2ffaa**: Intala kee gootaattis, lugnaattis hin kenniin!

**Abbaa intalaa**: Eenyuttan kennaree?

**Maanguddoo 2ffaa**: Gamnatti heerumsiis. Inni gootni, akka malee waan loluuf, jagnummaa isaa amanatee waan deemuuf akka tasaa du'uu dandaa. Inni lugnis abbuma argeef qoomma'a.

**Abbaa intalaa**: Inni gamnihoo?

**Maanguddoo 2ffaa:** Inni gamni garuu waan hunda abshaalummaadhaan raawwata.

Kanaafuu, Intala kee namicha isa gamnatti heerumsiisi!

*(Murtee kanaan marii isaanii xumuran)*

## 3.3.4 Hibboo

Hibboon Oromoo haalaa gaaffiifi deebitiin kandhihaatu yemmuu ta'u keessattuu daaa'imman sammuu isaanii qaruuf akka mala barsiisuu tokkoo ta'eeti fayyada. Keessattuu ijoolleen galgala galgala hibboo walgaafachuun akka hirribni dafee isaan hinqabne, akka hinmukoofne, naannoo isaanii, olla isaaniifi qabeenya uumamafi namtolche ilaalchisee hubannoo akka argatan taasiss.

Hibboon akkaataa ittiin jalqabamu, namni gaafatamuus akkaataa itti deebisu, dhumarrattis akkaataa ittiin xumuramu qaba. Fakkeenyaaf, namni gaafatu "Hibboo" yoo jedhu inni gaafatamu ammoo akkuma naannoo adda addaatti "Hibib!" / "Hiph!", yookiin "Hibbakka!" jechuun deebisa. Itti aansuun gaafataan gaaffii dhiheessa. Gafatamaan deebii deebisuuf yaala.

Deebii sirrii yoo deebise argatte jedhama. Hindeebisne yoo ta'e "Gabaa /biyya/ kenni" jedhamee gaafatama. Gabaa erga kenne booda akka hin arrabsamne "Afaan Dammaan Siqabe" jedheet himata. Akkas jennaan arrabni maaliif akka isaa hafe itti himameet deebii akka beeku taasifama. Yoo jechuu baate garuu arrabsoon hima gaggabaaboon yookiin akka walalootti qindaa'ameen arrabsameeti hiikni hibboo sanaa itti himama.

**Walumaa galatti hibboon Oromoo:**

- Dandeettii sammuu ijoollee guddisa
- Dandeettii Afaanii dagaagsa
- Hubannoo namootaa niguddisa
- Safuu Hawaasaa barsiisuuf gargaara
- Bashannansiisuuf gargaara

## 3.3.5. Faaruu

Hawaasni Oromoo jiruuf jireenya isaa keessatti gaddaafi gammachuu isaa akkuma geerarsaa, faaruudhanis ni ibsata. Kana malees, qabeenya isaa ibsuuf faaruutti baayyinaan dhimma itti baha. Kanaafuu, qabeenya isaatiif kabajaafi jaalala guddaa qaba. Haaluma kanaan, faaruun wantoota faarfamuu qaban irratti hundaa'uun, akaakuu baayyeetti qooduun nidanda'ama.

Kanneen keessaa; Faaruu loonii, faaruu hojii, faaruu biyyaa, faaruu qabeenya uumamaa, faaruu barnootaa, faaruu gootaafi k.k.f. kan jedhamaniidha. Warreen tarreeffaman kunneen akka faarutti kan dhihaatu yemmuu ta'an, kaayyoon isaa inni guddaan faayidaa, jaalala, kabajaafi marartee/gara-nyaattoo qabeenya isaaf hawaasichi qabu ibsuudha. Qabiyyeen isaas irra caalaatti faayidaa qabeenyaa, bu'aa qabeenyaa, kabaja qabeenyaa, jaalalafi k.k.f kan ibsu ta'a.

Fakkeenya faaruu loonii:

*Gowwe-gowwee gowwiyyoo hoo, kasoo boonaa kiyyaa,*
*Halkan roobaan dhaleehee, akka bookaa dhayee*
*Kaciciisa dikeessehoo*
*Loon namaan nuqixxeessehoo*
*Halkan roobaan dhalee...*
*Gadabii margi jigee*
*Abbaakee malli dhibee*
*Halkan roobaan dhalee...*

*Bitimaa tarkaanfatee*
*Dorrobee bargaafatee*
*Halkan roobaan dhalee…*

*Anaa nyaattu cirriin*
*Dhooggatee yaa'e birrii*
*Halkan roobaan dhalee…*

*Kaciciisa harraagessaa*
*Lafa oole awwaaressaa*
*Halkan roobaan dhalee…*

**Ceesisa**

*Ee hayyo-hayyoo baajoo tamaamee*
*Yoo deemu baajii yoo dheedu baajii harkaan sakaale*
***Ka Utaa-Waayyuu** baajoo tamaamee,*
*Yoo deemu baajii yoo dheedu baajii harkaan sakaalee*
***Funya luqqaayyuu** baajoo tamaamee*
*Yoo deemu baajii …*
*Ka abbaa cidhaa baajoo tamaamee,*
*Yoo deemu baajii …*
*Balaccuun ji'aa baajoo tamaamee,*
*Yoo deemu baajii …*
*Woliin oolanii baajoo tamaamee,*
*Yoo deemu baajii …*
*Oliin loowwanii baajoo tamaamee,*
*Yoo deemu baajii …*

*Jabbiin mar'attee baajoo tamaamee,*
*Yoo deemu baajii …*
*Raasoon gabbattee baajoo tamaamee,*
*Yoo deemu baajii …*
*Jechaa itti fuufa*

## 3.3.6. Mammaaksa

Mammaaksi ijoo dubbii haasa'amuutiin walsimsiisuun kan dhihaatuudha. Ergaa isaa hubachuufis aadaafi seenaa hawaasichaa beekuu yookiin afaanichaan muuxannoo bal'aa barbaada. Kana malees mammaaksi dubbii ittiin eegaluuf yookiin ittiin xumuruuf gargaara. Mata dureen irratti haasa'amu osoo hinjiraatin mammaaksi callisee hinhimamu/ hinmakmaakamu.

Mammaaksi waan hima gabaabaatiin dhiyaatu qofa osoo hintahiin, oduun durii yookaan ammoo haasaan/dubbiin afaanii dheeraan muuxannoo tahe ibsuuf yoomessa dubbii irratti hundaahee dubbatamu dabalata. Hima gaggabaabaatiin haadhihaatu malee ergaa cimaafi yaada bal'aa dhaggeeffataa amansiisuu danda'u of keessaa qaba.

### Gocha 4

Afoola asiin olitti barattan kanneen walitti fiduun og-tiyaatiratti jijjiiruun agarsiisaa!

## Cuunfaa Boqonnaa 3

- Muuziqaan aadaa kabaja ayyaanaatiif, ittiin bohaaruufi eenyummaa sabichaa dhalootaa dhalootatti dabarsuuf faayidaarra oola. Dabalataanis, shubbisni muuziqaa sagaleen jedhamu gara sochiitti jijjiiruun bifa nama hawwatuun agarsiisuudha.
- Holqi/bowwaan qaama dhagaa yookiin muka guddaa kan qaamni isaa hulaa of irraa qabu jechuudha.
- Ilmi namaa bara durii irraa eegalee fedhii, miira, yaada isaa aartiin ibsachaa akka ture seenaan ni ibsa.
- Holqa naannoo Oromiyaatti argaman keessaa kan hambaaleen og-argaa durii irratti mul'atu: Holqa Daaroo, Laga Odaafi kan kana fakkaatan kaasuun nidanda'ama.
- Afoolli dubbii afaaniin yeedaloon kennameefii, yookaan otoo hin kennamiin kalaqaafi oguma dhimma hawaasummaa adda addaa irratti kan xiyyeeffatuudha.
- Oduun durii seenaa addunyaa kana keessatti bara dheeraa dura raawwate seenessa.
- Sheekkoon namfakkiileen yookaan waa'een inni dubbatuu bineensota bakka buusuun akka waan bineensonni waliin dubbatanii akkasumas, waliin mari'atanii, waliin hojjetaniifi wal lolaniitti rakkoofi gidiraa dhala namaa muudachuu danda'an barsiisa.
- Geerarsi akaakuu afoolaa keessaa tokko ta'ee, saba Oromoo biratti baayyee beekamaadha.

## Gilgaala Boqonnaa 3

**I. Gaaffilee asiin gadii yoo sirrii ta'an 'Dhugaa' yoo sirrii hin taane immoo 'Soba' jechuun deebisi.**

1. Holqi bakka dahoo ilmi namaa bara durii keessa akka manaatti jiraachaa tureefi og-argaa keessatti jalqabedha.
2. Holqawwaan naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessaa kanneen hambaaleen og-argaa keessatti argaman keessaa holqi soof umar isa tokkodha.

**II. Gaaffilee asiin gadiif deebii sirrii ta'e filadhuu deebisi.**

1. Fakkiiwwan bara durii keenyan holqaa irratti hojjetamaa turan:
   A. Gadamsa B. Farda
   C. Gafarsa D. Hunduu deebiidha.
2. Halluuwwan bara durii diba halluun holqa irratti hojjechuuf itti gargaaramaa hin turre isa kami?
   A. Keelloo B. Magariisa C. Diimaa D. Gurraacha
3. Faayidaa diba halluu kan hin taane isa kami?
   A. Tajaajila amantaaf ni oola.
   B. Gammachuu namaa kenna.
   C. Aadaafi Seenaa hin ibsu.
   D. Miidhagina ni agarsiisa.

**III. Akaakuu shubbisaa "B" jala jiran kan "A" waliin Walitti firoomsi**

| A | B |
|---|---|
| 1. Shubbisa Booranaa | A. Oltumeefi Gattumee |
| 2. Shubbisa Gujii | B. Tirtirsa |
| 3. Shubbisa Wallaggaa | C. Geelloo, Kumkummee |
| 4. Shubbisa Iluu Abbaa Booraa | D. Shumbee |
| 5. Shubbisa Jimmaa | E. Hoohayyoo |

**IV. Akkaataa gaafatamteen deebisi**

1. Ilmi namaa bara durii irraa eegalee fedhii, miiraafi yaada isaa ____________ ibsachaa ture.
2. Bara durii keessa hojiiwwan diba halluun dirra keenyan holqaa irratti hojjetaman, wixinee ___________ irratti kan xiyyeeffatanidha.
3. Tokkoon tokkoo afoola boqonnaa kana keessatti caqafaman gara tapheetti jijjiiruun gochaan agarsiisaa.

# BOQONNAA 4 HAWWANNAA OG-AARTIIWWANII

## 4. Hawwannaa Miidhaginaa Og-aartiiwwanii

**Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:**

**Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:**

- Faaya jechuun maal akka ta'e nihubatta.
- ilaalcha haawaasni faayaaf qabu nibarta.
- Faayidaafi ilaalcha haawaasni faayaaleef qabu adda nibaafatta.

### Seensa

Boqonnaa darban keessatti waa'ee akaakuuwwan faaruu aadaafi shubbisa hawaasni itti fayyadamu barattee jirta. Akkasuma achii as-dhufaatii seenaa og-argaafi aadaa dhala namaa maal akka fakkattu barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo faayaafi gatii hawaasni miidhaginaaf qabu maal akka fakkaatu ni baratta.

Dabataanis, waa'ee seenaa ogummaa harkaa nibaratta. Seenaa ogummaa harkaa yoo ilaalle umurii dheeraa kan qabuufi ilmi namaa bara durii irraa eegalee jiruufi jireenya isaa foyyeeffachuufi, mijataa taasisuuf hojii ogummaawwan adda addaa gaggeessaa tureera. Ogummaan harkaa ogummaa irra caalaa wantoota naannootti argaman irraa kan hojjetamuufi bal'inaan bakkeewwan garagaraatti kan dalagamu ta'uusaa nibaratu.

# 4.1 Wal Fakkeenyyaafi Garaagarummaa Yaadaa Og-Aartiiwwanitti Fayyadamuun Ibsuu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Og-aartiiwwaan fayyadamuun garaagarummaafi walfakkeenya yaadaa isaan gidduu jiru ni ibsita.

Og-aartiiwwan, og-argaa, muuziqaa, tiyaatiraafi shubbisa jedhamanii akkuma qoodaman ergaan isaan dabarsan walfakkeenyaafi garaagarummaa qaba. og-argaan miira, yaadaafi fedhii keenya gama fakkiitiin ibsachuu yeroo ta'u, kanneen gochaan walqabatan immoo yaada, miirafi fedhii keenya bifa tiyaatiraa, haasa'aa, shubbisaa, sirbaa, walaloo, muuziqaa taphachuufi kan kana fakkaataniin ibsachuudha. Gama biraatin og-aartiiwwan kan wal-keessa jiraaniifi wantoota wal isaan fakkeessan kan qabaniidha. Kan wal isaan fakkeessu ergaa barbaanne tokko og-aartiiwwan gargaaramuun ibsachuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf, aadaafi haala jiruuf jireenya hawaasa tokkoo ittiin ibsachuuf, fakkiin, tiyaatiraan, shubbisaan yookiin sirbaan calaqqisiisuun nidanda'ama.

Fedhii, hawwiifi dandeettiin dhalli namaa qabu namaa namatti garaagarummaa qaba. Kunimmoo yaadni namaa gargar ta'uurraa kan maddeedha. Garaagarummaa fedhii, hawwii, yaadaafi dandeetti dhala namaa gidduu jiru kana karaa garaagaraatiin ibsatu. Akkasuma, yaada walfakkaataa warri qabanis wal deeggaruufi walii tumsuuf kan ibsataniidha. Karaan ittiin garaagarummaa yaadaa ibsatan keessaa tokko og-aartiiwwaan fayyadamuuni.

Kanaafuu; mata duree kana barattoonni erga hubatanii booda, og-aartiiwwan fayyadamuun garaagarummaafi walfakkeenya yaadaa isaan gidduu jiru akka ibsatan kan isaan akeekuudha.

Aartiin aadaa hawaasaa keessaa isa tokko. Aartiidhaan kalaqa yaada keenyaafi mul'ata keenyaa ittiin ibsina. Innis, faayidaa guddaa hawaasaaf qaba. Aartiin kunis akaakuu garagaraa kan of keessaa qabuudha. Isaanis: og-argaa, muuziqaa, og-barruu, og-tiyaatira, og-fiilmiifi kanneen kana fakkaataniidha. Aartiin yeroodhaan kan daangeeffamu miti.

Og-aartiwwan, humna baroota darbanii jiraachuu danda'uu qabu. Aartiin saba yookaan hawaasa gara tokkotti fida. Kana jechuun, aartiin hawaasa jijjiiiruu keessatti qooda guddaa qaba jechuudha. Aartiin kamiyyuu kan uumameef jireenya hawaasa tokkoo gara fooyyee yookaan gaariitti jijjiiruuf. Yeroo mara aartiin hawaasarraa adda bahee jiraachuu hin danda'u. Og-aartiiwwan fayyadamanii hawwiifi fedhii ofii, akkasumas, afaan, aadaa, seenaa, amantii, siyaasa, diinagdee, hawaasummaa kanaafi kanneen kana fakkaatan guddifachuufi ibsachuun nidanda'ama. Og-aartiiwwan hawaasa giddugaleeffachuudhaan dagaaganii jiraatu. Jijjiiramuus ta'ee haala geeddarachuu kan danda'u haala jireenya hawaasaa waliin.

Og-aartiiwwan miira hawaasaa waliin wal qabata. Yaada ummataa jijjiiruun, safuu barsiisuun muuxannoo hawaasa keessa ture hiikuudhaan dhiibba uumuu danda'a. Aartiin guddina yookaan jijjiirama hawaasaa keessatti akka si'eessituu, siyaasa yookaan hawaasummaa keessatti sagalee ta'ee tajaajila.

Kan geeraru geerarsaan, kan sirbu sirbaan, kan gadde boo'ichaan, kan gammade kolfaan kan weeddisu weedduudhaan, kan faarsuu qabu

faarsee, kan socho'u shubbisaan, kan tuffatemmoo arrabsee, yaadaafi fedhii keessoosaa ibsata. Haala kanaan ummanni keenya dur-irraa jalqabee itti fayyadamaa dhufe; har'as itti fayyadamaa jira. Og-aartiiwwan diinagdee argamsiisuufis nifayyadu. Kalaqni, bulchiinsiifi dhiheessiin og-aartiiwwan maallaqas ni argamsiisa.

Kanaaf, namni kamuu og-aartiiwwan keessaa kan danda'uufi kan beekutti fayyadamuun fedhii keessoo isaa, hawwiisaa, jaalala, jibba, gammachuu, gaddaafi waan barbaade ittiin ibsachuu danda'a.

Garaagarummaa yaadaa tapha tiyaatiraan fakkeenyaaf: barattuu qo'achuu jaalattuufi, barataa qo'achuu hin jaalanne gidduutti garaagarummaa yaada isaanii tapha tiyaatiraan haala ittiin ibsan haa ilaallu:

***Kadijjaafi Elemoon** karaatti walitti dhufu; Kadijjaan barruuleefi kitaaba qabattee jirti. Elemoon immoo Kubbaa qabateera.*

**Elemoo**: Har'as mana kitaabaa ooltee?

**Kadijjaa**: Akka kee kana qo'annaa dhiisanii kubbaa dhiitaa ooluu wayyaaree!

**Elemoo:** Ati qo'attee raajii maal uumte?

**Kadijjaa:** Sadarkaa tokkoffaan kutaa gara kutaatti akkan darbaa dhufe nibeekta. Kana caalaa raajii maaliin hojjedha.

**Elemoo:** Sadarkaan dabartus manuma barumsaa tokko keessa jirra!

**Kadijjaa**: Barnoota waliin eegalle; garuu sababa qo'achuu jibbuu keetiin kuftee na biraa hafte. Ani bor asitti si dhiiseen mana barumsaa biraatti darba.

**Elemoo**: Ahaa... kanaafuu anis kana booda nan qo'adha... haala kanaan garaagarummaa yaadaa agarsiisun nidanda'ama.

## Gocha 1

Walfakkeenyaafi garaagarummaa yaadaa og-tiyaatiratti fayyadamuun agarsiisaa!

# 4.2 Ogummaa harkaafi Faayaa

### Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Hiika faayaa nibsita.
- Akaakuuwwan faayaafi ogummaa harkaa hawaasa keessa jiranii keessaa muuraasa nihimta.
- Gatii /kabaja haawasni faayaaf qabu nihubatta.

Faaya jechuun miidhagina/ bareedina/hawwannaa waan tokkoo kan ibsu yoo ta'u, akaakuu adda addaatiin ibsamuu danda'a. Jireenya dhala namaa keessatti wantoota gatii meeshaalee dabalan kanneen akka jabeenyaa/turtii, faayidaa wantootaa caalaa kan qalbii nama hawwatu miidhagina/ bareedina meeshichaati. Dhalli namaa amalaa isaatiin waan qalbii isa hin hawwanne waliin turuu hin fedhu. Gatii guddaas itti hin baasu. Kana irraa ka'uun oomisha akaakuu kalqa isaa ta'e kanneen akka ijaarsa manaa, meeshaalee aadaa, uffaannaafi qaama ofii faayuun hawwannaa dabalata. Isaan keessaa kaanne akka tumaa qaama irraa, akkina rifeensaa, faaya uffannaa irratti hojjetamu kaasuun nidanda'ama.

# A. Ogummaa Harkaa

Ogummaan harkaa wantoota nam-tolchee ta'an keessaa tokko ta'ee, dhalli namaa harka isaan hojjetee faayuun hawwataa taasisee itti fayyadamaa kan tureefi jirudha. Akka fakkeenyaatti kaasuuf, gurra urachuun lootiifi faaya gurraa dubartootaa adda addaa itti dirachuu, rifeensa shamarranii irratti ilillii adda addaa suuquu, gatii itti baasanii warqii gurraa, mormaafi qubaa bitachuun ibsamuu nidanda'a. Gatiin warqii albuudota biroo kan ittiin caalu jabeenyaafi tajaajila inni laatu osoo hin taane gatii dhalli namaa miidhaginaaf qabu kan mirkaneessudha.

Miidhaginni keessattuu shammarraniif baay'ee murtessaafi barbaachisaa akka ta'e nibeekama. Kunis kan calaqqisu filuufi filatamuu keessatti, waliin jireenya keessattiifi walitti gammadoo ta'uu, miidhaganii mul'achuun dhiiraaf shamarran birattillee gatiin inni qabu salphaa miti.

## Gocha.2

1. Wantoota miidhagan nijaalattaa?
2. Miidhagina jechuun siif maal jechuu akka ta'e hiriyoota kee waliin erga mari'attee booda waan irratti walii galtan golaaf dhiyeessi.

Dhalli namaa wantoota uumamaan jiran akkaataa isaaf ta'utti (gara fedhii isaatti) jijjiiree itti fayyadamuuf jecha uumama waliin wal'aansoo hedduu wal qabaa jiraate. Seenaa ogummaa harkaas yoo ilaalle isuma kana ragaa nuuf ba'a. Ilmi namaa osoo sibiila argatee itti fayyadamuu hin eegaliin duratti, bineensota adamsee ittiin waraanee ajjeesuuf dhagaawwan garagaraa walitti buusee qara baafachaafi lafee bineensotaatti dhimma bahaa akka ture seenaan ni ibsa. Erga

sibiilli argamee immoo sibiila irraa eeboo, aalbee/haaduufi kan kana fakkaatan hojjetachuun itti fayyadamaa tureera. Dabalataanis, meeshalee faayaafi ulfoo ta'an kan eenyummaafi aadaa isaanii ibsu irraa hojjechuun itti fayyadamaa kan turaniifi jiranidha.

Akkasumas, dur dur akka uffataatti wantoota baala babal'aa qaban ofitti naannessanii hidhachuun jiraachaa turani. Booda keessa immoo gogaa bineensota ajjeesanii akka huccuutti uffachuu eegalani. Suutuma suuta akkuma beekumsi isaanii dabalaafi guddachaa dhufeen immoo ogummaa huccuu dhahuu waantoota garaagaraa irraa hojjechuun halluuwwaniifi faaya adda addaa irratti hojjechuun duudhaa, aadaa, amantaafi eenyummaa isaanii ittiin calaqqisiisaa dhufani. Akkasumas, wantoota naannoo isaaniitti argatan irraa wantoota jireenya moo'achuuf isaan tajaajila adda addaa hojjetanii dhimma itti bahaa turaniiru.

Isaan keessa balaa adda addaa irraa dandamachuuf mana ijaaruu, uffaanna, kophee adda addaa oomishuun itti fayyadamuutti dhufan. Isaan kanas balaa irra akka isaan oolchuutti mijeessuu cinaatti akka miidhaguufi qalbii nama hawwatu miidhagfachuun barmaa dhufe. Meeshaalee kanneenitti yommuu kabajni dabalamu, hawaasa oromoo keessatti dagatamuu kan hin qabne keessa tokko mi'a farda yaabbiiti. Fardi gaafa gaddaafi gammachuus jireenya dhala namaa keessatti qooda qaba. Isa kana keessatti gaafa gaddaa akki itti faayaamuufi meeshaan ittiin faayamu kan gaafa gammachuutiin wal hin fakkatu. Garuu, dagatamuu kan hin qabne yeroo lamaanuu miidhagina yookan hawwatummaa fardaa dabaluuf mi'a adda addaatiin faayama. Gara ammayyaatti yoo dhufnu konkolaataanis akkasumatti faayama. Akkasumas, gatii/hawwannaa mana, uffataafi kanneen birootiis dabaluuf karaa adda addaatiin faayaa kan turaniifi jiranidha.

Wanti rakkoo ta'e hawaaasa keenya keessatti bu'aan ogummaa harkaa osoo nubarbaachisuu, ittis fayyadamaa jirru ogeessa isaa oomisheefi miidhagseef kabajni isaaniif malu hin kennamuuf. Akkasumas, gatii hojii isaaniif malu hin laannuufi. Inni kun wantoota oomishaafi oomishtummaa keenya xiqqeessan, og- argaan keenya akka hin guddanne taasisan keessa isa tokkodha.

Ogummaan harkaa kanneen hawaasni hojjechuun eenyummaa, aadaa, duudhaa, amaantaafi kan kana fakkaatan ittiin ibsachuuf, jiruuf jireenya isaa ittiin moo'achuuf, salphaafi mijataa taasifachuuf faayee hojjechaa kan tureefi ammallee itti jiru keessaa muraasa kaasuun nidanda'ama. Isaan keessaa muraasni isaanii kan asiin gadiiti:

☞ Ogummaa suphee dhahuu
☞ Ogummaa huccuu dhahuu
☞ Ogummaa gogaa duuguu
☞ Ogummaa hojii sibiilaa (sibiila tumuu)
☞ Ogummaa hojii mukaa
☞ Ogummaa hodhaa hodhuu
☞ Ogummaa hojii guuboo/gimboolaa dhahuufi kan kana fakkaatanidha.

## Cuunfaa Boqonnaa 4

- Og-Aartiiwwan, og-argaafi og-gocha jedhamanii akkuma qoodaman ergaan isaan dabarsan walfakkeenyaafi garaagarummaa qabu.
- Gama biraatin og-aartiiwwan kan wal-keessa jiraaniifi wantoota wal isaan fakkeessan heddus qabu. Kan wal isaan fakkeessu keessaa, ergaa barbaadame tokko og-aartiiwwan gargaaramuun ibsachuun nidanda'ama.
- Og-aartiwwan, humna barootaa darbanii jiraachuu danda'uu qabu.
- Og-aartiiwwan miira hawaasaa waliin wal qabatu.
- Og-aartiiwwan, guddina yookaan jijjiirama hawaasaa keessatti akka si'eessituu, siyaasa yookaan hawaasummaa keessatti sagalee ta'ee tajaajilu yoo ta'u,kan geeraru geerarsaan, kan sirbu sirbaan, kan gadde boo'ichaan, kan gammade kolfaan kan weeddisu weedduudhaan, kan faarsuu qabu faarsee, kan socho'u shubbisaan, kan tuffatemmoo arrabsee, yaadaafi fedhii keessoosaa ibsata.
- Ogummaan harkaa wantoota nam-tolchee ta'an keessaa tokko ta'ee, dhalli namaa harka isaan hojjetee faayuun hawwataa taasisee itti fayyadamaa kan tureefi jirudha.
- Faaya jechuun miidhagina/ bareedina/hawwannaa waan tokkoo kan ibsu yoo ta'u, akaakuu adda addaatiin ibsamuu danda'a. Jireenya dhala namaa keessatti wantoota gatii meeshaalee dabalan kanneen akka jabeenyaa/turtii, faayidaa wantootaa caalaa kan qalbii nama hawwatu miidhagina/ bareedina meeshichaati.
- Ilmi namaa osoo sibiila argatee itti fayyadamuu hin eegaliin duratti, bineensota adamsee ittiin waraanee ajjeesuuf dhagaawwan garagaraa walitti buusee qara baafachaafi lafee

bineensotaatti dhimma bahaa akka ture seenaan ni ibsa.

- ✍ Dhalli namaa dur dur akka uffataatti wantoota baala babal'aa qaban ofitti naannessanii hidhachuun jiraachaa turan, booda keessa immoo gogaa bineensota ajjeesanii akka huccuutti uffachuu eegalani.
- ✍ Ogummaan harkaa kanneen hawaasni hojjechuun eenyummaa, aadaa, duudhaa, amaantaafi kan kana fakkaatan ittiin ibsachuufi, jiruuf jireenya isaa ittiin moo'achuuf, salphaafi mijataa taasifachuuf faaya hojjechaa kan tureefi ammallee itti jirudha. Kanneen keessaa; ogummaa suphee dhahuu, huccuu dhahuu, gogaa duuguu, hojii sibiilaa (sibiila tumuu), hojii mukaa, hodhaa hodhuu, guuboo hodhuufi kan kana fakkaatanidha.

## Gilgaala Boqonnaa 4

**I. Gaaffilee asiin gadii yoo sirrii ta'an 'Dhugaa' yoo sirrii hin taane immoo 'Soba' jechuun deebisi.**

1. Dhalli namaa wantoota uumamaan jiran gara fedhii isaatti jijjiiree itti fayyadamaa ture.
2. Dur- dur ilmi namaa baala babal'aa akka huccuutti fayyadamaa ture.
3. Ogummaan harkaa wantoota naannootti argaman irraa hojjetama.
4. Ogummaan harkaa wantoota barbaachisoofi mimmiidhagoo ta'an irraan hojjetamu miti.
5. Wantoonni ogummaa harkaan hojjetaman kanneen mala ammayyaan hojjetamanis nihaammata.

**II. Gaaffilee asiin gadiif deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.**

1. Ogummaa harkaa maaliif fayyada?
   A. Miidhaginaaf oola.
   B. Kalaqa namaa gabbisa.
   C. Aadaa hawaasaa calaqqisiisa.
   D. Hunduu deebiidha.
2. Midhagina jechuu kan hintaanee isa kamii?
   A. Midhaginnii nama hundaaf tokkuma
   B. hawwatamuummaa waan tokkooti
   C. Fedhiifi ilaalcha namni tokko waan beereeduuf qabu
   D. Hunduu deebiidha.
3. Ogummaan harkaa irra caalaa maaliif hojjetama?
   A. Itti tajaajilamuuf
   B. Gurguranii qarshii argachuuf
   C. Jaalala hojii sanaaf qananiif
   D. "A" fi "B" deebiidha.
4. Oomishni hojiiwwan ogummaa harkaa maaliif tajaajila?
   A. Aadaa ibsuuf B. Qaroomina ibsuuf
   C. Eenyummaa ibsuuf D. Hunduu deebiidha.
5. Kanneen asiin gadii keessa ilmi namaa bara durii yeroo jalqabaaf kan itti tajaajilama ture isa kami?
   A. Dhagaa qara qabu B. Lafee bineensotaa
   C. Sibiila D. "A" fi "B" deebiidha.
6. Ogummaa harkaa yoo maal ta'e filatamaa dha?
   A. Fedhii hawaasa irratti yoo xiyyeefachuu baate
   B. qabannaaf mijataa yoo hintaane
   C. Yoo haala gaariin faayame
   D. Hunduu deebiidha.

# BOQONNAA 5 HOJIIRRA OOLMAA OG-AARTIIWWANII

## 5. Hariiroo Og-Aartiiwwan Dhimmoota Biroo Waliin Qabu

### Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

**Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:**

- Balaa tiraafikaa, Dhukkuba HIV, Waantoota sammuu namaa adoochan shubbisaafi tiyaatira gargaaramuun ni agarsiista.
- Mallattooleefi Fakkoommii/symbols/ hawaasa keessa jiru nihubatta.
- Faayidaa mallattooleefi fakkoommiin hawaasa keessa jiran qabanii niraajeffatta.
- Faayidaa Og-tiyaatirri hawaasa barsiisuu keessatti qabu ni ibsita.

### Seensa

Balaan tiraafikii, Araada sammuu namaa hadoochu, Dhibeewwan daddarboo kanneen akka HIV, Faalamni qilleensaa, Manca'insi bosonaafi kan kana fakkaatan kanneen dhimmoota yeroo waliin wal qabatan/ dhimmoota bilbiltuu/ wantoota jireenya egeree ilma namaaf baay'ee yaaddessaa ta'anidha. Kanaaf, hojiiwwan og-aartiiwwan wantoota dhimmoota yeroo waliin wal qabatan/dhimmoota bilbiltuu/ irratti

uummataaf odeeffannoo dabarsuufi hubannoo uumuu keessatti gahee ol aanaa taphatu. Hawaasa tokko rakkoorraa baraaruufis ta'ee haala jireenya isaa jijjiiruuf karaa garaagaraatiin barnoonni nikennamaaf. Karaalee Barnoonni hawaasaaf kennamu keessa tokko og-aartiiwwan fayyadamuuni. Mata dureen kunis, og-aartiiwwan fayyadamuun akka barattoonni hawaasa barsiisan kan qajeechuudha.

## 5.1. Faaruufi Shubbisatti Fayyadamuun Dhimmoota Bilbiltuu Ta'aniif Hubannoo Uumuu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Faaruufi shubbisa fayyadamuun dhimmoota bibiltuu ta'an ni ibsita.
- Miidhaa araada adda addaa, Vaayirasii koroonaa, HIVfi dhukkuboota daddarboo kanneen biroo faaruufi shubbisaan ni agarsiista.

Muuziqaan og-artiiwwan keessaa tokko kan ta'eefi waa'ee dhimmoota garaagaraa bifa baay'ee nama hawachuu danda'uun humna ergaa dabarsuu danda'u of keessaa qaba. Dhimmoota hawaasa tokko keessatti balaaf nama saaxilan irraa nomoonni akka of eeganiif ergaafi akeekkachiisni bifa garaagaraan akka darbu maayii itti bahama. Ergaan bifa faaruufi shubbisaan darbu amala ofitti nama hawwachuufi miira kakaasuu waan qabuuf muuziqaatti dhimma ba'uun kan baratamedha.

Fakkeenyota asiin gadii fudhannee haa ilaallu.

☞ **Dhukkuba HIV**

Balaa dhukkubni kun fidu xiqqeessuufi tamsa'ina isaa hir'isuuf malli ittiin hawaasni akka dammaquufi hubannoo argatu taasifamu bifa faaruutiin agarsiisuun ni danda'ama.



## Gocha 1

a. Faaruu dhukkuba HIV ilaalchisee naannoo keessanitti beektan keessaa tokko filachuun, keerograafii/shubbisaa isaaf ta'uun dabaalaa gareen shaakalaatii, daree keessatti wal dorgommii taasisaa.

b. Faaruu waa'ee of eeggannoo dhukkuboota adda addaaf taasifamuu qabuu ofii keessaniin gareen qopheessuun shaakalaa dareef dhiyeessaa.

## Balaa tiraafikaa

Balaan tiraafikaa biyya keenya keessatti balaawwan lubbuufi qabeenya hedduu mancaasan keessaa isa sadarkaa duraarra jiruudha. Balaa kana hir'isuufis ta'e akka xiyyeeffannaan itti laatamuuf malli salphaan bifa faaruufi shubbisaatiin uummataaf dhiyeessuudha.

Fakkii 1. Fakkii sochii tiraafikaa agarsiisu

## Gocha 2

Faaruu/sirba beekamaa balaa tiraafikaa/dhukkuboota daddarboo ilaalchisee sirbame tokko fudhaatii gareen ta'uun keeroograafiidhaan/ shubbisaan dareef dhiyeessaa. Kan keessaa caalus wal dorgomsiisuun barattoota mana barumsaa keessan hundaaf dhiyeessaa.

Fakkeenya faaruu waa'ee HIV Eedisiirratti Doktora Kabajaa Artisti Alii Birraatiifi, Artistoonni Oromoo hubannoo uumuuf sirban;



*Kaleessi, darbeeraa, borus fagoo jiraa*
*Turuurraa, yoo cime, karaatti hafuu irraa*

*Falli maali har'aa 2x*
*Haa kaanuu nukaasaa*

*Abbaan furmaataa nuhii, Anaa si'ii isaa*
*Ana hin laalu jechuun, yoosan rakkoo cimsaa*

*Ifatti as dhufnee, woliif taanee tumsa*
*Jaalala unachaa, baraaruuf hundasaa*

*Tiruun oolee bulee, cimee lafee tahaa*
*Of-haa eegnu malee, bor-nu harkaa bahaa*

***Kaleessi, darbeeraa…***
jechaa itti fuufa.

## 5.2 Tiyaatiratti Fayyadamuun Dhimmoota Yeroo Waliin Walqabatan Barsiisuu.

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Og-tiyaatira fayyadamuun dhimmoota bilbiltuu ta'an hawaasa nibarsiista.

**Gocha 3**

1. Yeroo ammaa kana wantoonni naannoo keessanitti hawaasa irratti rakkoo uumaa jiran maal faadha? Gareedhaan irratti mari'adhaa!

Tiyaatirri qophaa'ee daawwattootaaf kan dhihaatu bashannansiisuu qofaaf osoo hintaane barsiisuufis qooda guddaa qaba. Daawwattoonni yeroo tiyaatira daawwatan waan irraa barachuu qaban akka irraa barataniif isaan gargaara. Kan daawwataniifis itti bohaaraa irraa barachuufi. Kanas, dhimmoota yeroo waliin walqabatan kanneen hawaasa keessatti miidhaa geessisan bifa tiyaatiraatiin hojjetanii hawaasni akka irraa of qusatan taasisuun nidanda'ama. Wantoonni hawaasa keessatti irra deddeebidhaan hawaasa miidhan kanneen akka dhugaatii alkoolii, dhiibbaa dubartootaafi daa'immanirra gahu, balaa tiraafikaa, dhukkuba HIVfi araada adda addaa ta'uu danda'a. Kanaafuu, dhimmoota bilbiltuu ta'an kan hawaasa miidhu og-tiyaatiratti fayyadamuun hawaasa keenya barsiisuu nidandeenya. Waan ijaan argan kanarraa hawaasni bifa salphaa ta'een itti bashannanaa irraa barachuu danda'u.

Fakkeenya asiin gaditti bifa bartapheetiin qophaa'e kana ilaali!

*Gaaddiseefi Wabiin barattoota tajaajila tola-ooltummaa kennuun hojii isaanii ta'eedha. Barattoota daandii asfaaltii ceesisuun hojii guyyaa guyyaa isaaniiti.guyyaa tokko Gaaddiseen wabii daree barnootaa keessatti osoo isa eegaa jirtuu wabiin akka tasaa itti dhufe.Yeroo kana uffanni danbii tiraafikaa isaa dhiigaan laaqamee mul'ata.Gaaddiseen rifattee*

**Gaaddisee**: *Uffatnikee maaliif dhiiga tuqe?*

*Wabii: Osoon barattoota daandii asfaaltii ceesisuu barataan tokko ajaja kiyya dhaga'uu didee danbii tiraafikaa cabsee osoo ce'uu konkolaataan rukute. Anis isa kaasuuf jechan dhiigni uffata kiyya tuqe.*

**Gaaddisee:** *Akkam lubbuun ooleeree?*

**Wabii:** *Eeyyee;* Kaayyoon keenya lubbuu balaa tiraafikaan darbitu hanbisuudha

**Gaaddisee**: *Sirriidha;* kun dirqama keenya. Lubbuu namootaa balaa tiraafikaa irraa oolchuun gahee hunda keenyaati.

**Wabii:** Dhugaa jette utuu rakkoon hin uumamin of eeggannoo Gochuudha, malee erga uumamee booda fala barbaaduu miti

**Gaaddisee:** Garuu hubannoon namoota keenyaa sirrii natti Hinfakkaatu!

**Wabii:** Dhugaa jette garuu abdii kutuu dhiisnee hubannoo

uumuuf cimnee hojjechuu qabna wanti hin jijjiiramne hin jiru waan ta'eef

**Gaaddisee:** Barattootni bitaa isaanii qabatanii yoo deeman

balaa tiraafikaa hanqisuu qofa osoo hin taane bareedina magaalaas nidabala!

**Wabii:** Eeyyee kaa dhugaa jette. Hunduu balaa tiraafikaa

hir'isuuf danbiifi naamusa tiraafikaa haa eeguun dhaamsa keenyaadha.

*Kanaaf fakkeenyi gabaabaan kanaa olitti siif dhiyaate bartaphee gabaabduu balaa tiraafikaa hir'isuuf gargaaru keessaa tokkoodha.*

## Gocha 4

Rakkoolee naannoo keessanitti miidhaa hawaasarraan gahaa jiran keessaa tokko filachuun bifa tiyaatiraatiin waliif dhiheessaa.

## 5.2 Mallattooleefi Fakkoommii

Boqonnaa darbe keessatti gatiifi ilaalcha hawaasni miidhaginaaf qabu baratte jirta. Qabiyyee kana keessatti immoo faayidaafi ergaa mallattooleeniifi fakkoomiin qabu nibaratta. Akkasumas, akkataa hojimaata isaas nishaakalta. Jireenya dhala namaa keessatti hawaasni oromoo hawaasummaa qajeelchuuf mallattoofi fakkoommii adda addaa qopheeffachuun dhimma itti ba'achaa ture, ba'achaas jira. Isa kanas hawaasni Oromoo falaasama isaa ittiin ibsachuuf kanneen akka kallachaa, bokkuufi caaccuu kaasuun nidanda'ama. Mallattooleefi Fakkoommiin meeshaalee ulfoo ta'an kanneeniif kabajaafi hiika ittiin walii galuufi ittiin wal bulchuufi hogaanu qaba. Inni kunis kan calaqqisu sirna adda addaafi jireenya guyyaa guyyaa keessattidha.

# 5.3. Mallattooleefi Fakkoomii

## 5.3.1 Loogoofi Poostera

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban**

**Xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Ergaafi Faayidaa loogoofi poosteraa hawaasaaf kennu ni ibsita.
- Loogoofi Poostera sasalphaa nihojjetta.

### A. Loogoo


**Marii 1**

Mallattoolee adda addaa mana yaalaa, mana barumsaa, kaaffee, daandii cinaatti maxxanee argitee nibeektaa? Yoo kan beektu ta'e, mallattoowwan kan akkamii argite? Mallattoowwan argite immoo maal ibsa yookiin ergaa maalii dabarsa? Garee gareen yaada irratti wal jijjiiraa?

Loogoo jechuun mallattoo haala gabaabaan ergaa dabarsuu danda'u jechuudha. Loogoon mallattoo yookiin Fakkoommiidha malee fakkii miti. Mallattoon kun immoo qubees ta'uu nidanda'a. Loogoon hojii og-argaa keessaa tokko ta'ee, mallattoo tiraafikaa, dhibee HIVfi kan kana fakkaatan bakka bu'uudhaan miidhaa balaan yookiin dhukkubni kuni uummata irraan gahu karaa salphaa ta'een erga kan dabarsudha.

Loogoon tokko yommuu hojjetamu odeeffannoo akka dabarfamu barbaadame sana haala salphaa ta'een namni kamiyyuu mallatticha

ilaalee ergaa dabarfamu akka hubachuu danda'utti kan qophaa'u ta'uu qaba. Fakkeenyaaf, mallattoolee tiraafikaa yoo fudhanne bakka barattoonni karaa qaxxaamuranitti mallattoo barataafi barattuu dabtara baatanii adeemaa jiraniin bakka buufama. Barattoonnis, daandiin konkolaataa qaxxamuruu isaaniin dura ifaa halluu tiraafikaa ilaallatanii daandii qaxxaamuraa halluu adiifi gurracha dibamee imaltoonni irra qaxxaamuraniin cee'uu qabu. Seera tiraafikaa hordofanii deemuus ta'e daandii qaxxaamuruu dhabuun qaama, lubbuu, qabeenyaafi kan kana fakkaatan irratti miidhaa guddaa geessisuu nidanda'a.




Fakkii 2. Fakkii loogoo mallattoo tiraafikaa agarsiisu.

## Shaakala 1

Loogoo fakkii 2 irra jiru fakkeessi qubeessaan hojjedhu. Erga fakkeessitee qubeessaan hojjettee booda, halluu akkaataafi bakka fakkicharra jiru tokkoon tokkoo isaa sirriitti ilaaltee hubachuun fakkeessii dibi. Ergaa mallattooleen fakkicharra jiraniifi halluuwwan dibaman maal akka bakka bu'an tokko tokkoon akkaataa garee keessaniin mari'achuun dareef ibsaa.

## B. Poostera

### Marii 2

Wantoota fakkii/mallattooleefi barreeffama adda addaan qindaa'anii hojjetaman mana yaalaa, mana barumsaa, daandii cinaatti maxxanee argitee nibeektaa? Yoo kan beektu ta'e, fakkiifi barreeffamni qindoominaan wal irratti hojjetaman kan akkamii argite? Ergaan isaan dabarsanhoo maali? Garee gareen irratti mari'adhaa.

Poostera jechuun fakkiifi barreeffama gabaabaan qindaa'ee ergaa guutuufi ifaa ta'e tokko uummataaf akka dabarsuuf kan maxxanfamu/hojjetamudha. Barreeffamni isaas ta'e, fakkiin isaa miidhagaa ta'ee kan nama ofitti hawwatuu ta'uu qaba. Haalli hojii isaas akkasuma salphaatti ergaa akka dabarfamu barbaadame sana akka dabarsuu danda'uufi ilaalcha uummataa jijjiiruufi guddisuuf kan hojjetamudha. Ogummaan poosteraa loogoo irraa kan adda isa taasisu:

- Halluuwwan miidhaganiifi ofitti nama harkisaniin hojjetamuu isaa
- Bifa wantoonni uumamaan qaban sirriitti ibsuu (agarsiisuu) danda'uu isaati.

Hojiin poosteraa kun uummata biyya keenyaatiif yeroo ammaa kana tajaajila guddaa kennaa jira. Fakkeenyaaf, uummata barsiisuuf (dhibee daddarbaa kanneen akka HIV, Dhukkuba sombaa, Koleeraafi araada sammuu nama adoochan irraa akka of qusatan hubachiisuuf, misoomaaf kakaasuu, miidhaa balaan konkolaataa qaqqabsiisu hubachiisuufi kabaja ayyaana adda addaatiif ni oola.

## Cuunfaa Boqonnaa 5

- Loogoo jechuun mallattoo haala gabaabaan ergaa dabarsuu danda'u jechuudha.
- Loogoon mallattoo yookiin Fakkoommiidha malee fakkii miti.
- Poostera fakkiifi barreeffama gabaabaan qindaa'ee ergaa guutuufi ifaa ta'e tokko uummataaf akka dabarsuuf kan maxxanfamudha.
- Faayidaan poosterri qabu inni ol aanaan ilaalcha uummataa jijjiiruuf yookiin guddisuuf isa filatamaadha.
- Faayidaan poosteraa faayidaa loogoo waliin walbira qabnee yoo ilaallu poosterri caalaatti hawaasaaf tajaajila guddaa kennaa.

## Gilgaala Boqonnaa 5

**I. Gaaffilee asiin gadii yoo sirri ta'an 'Dhugaa' yoo sirrii hin taane immoo 'Soba' jechuun deebisi.**

1. Loogoon fakkii haala salphaan ergaa dabarsudha.
2. Loogoon yommuu hojjetamu namni kamiyyuu ergaa darbu akka hubachuu danda'utti ta'ee hojjetamuu qaba.
3. Odeeffannoo loogoon dabarsu walxaxaafi ulfaataadha.
4. Loogoon qubee qofaan ergaa dabarsuu nidanda'a.
5. Poosterri mallattoon isaa miidhagaa ta'ee kan nama ofitti hawwatudha.
6. Dhimmoota yeroo keessatti kan ramadaman balaan tiraafikaa isa tokko ta'uu danda'a.
7. Og-tiyaatira gargaaramnee dhimma yeroo kan jedhaman hawaasa barsiisuu dandeenya.
8. Fedhii, hawwiifi dandeettiin dhalli namaa qabu namaa namatti garaagarummaa hinqabu.

9. Og-tiyaatira fayyadamuun garaagarummaafi walfakkeenya yaadaa ibsachuun nidanda'ama.

**II. Gaaffilee asiin gadiitti siif dhiyaataniif qubee deebii sirrii ta'e filachuun deebisi**

1. Hiika Loogoo ilaalchisee isa kamtu dhugaadha?
   A. Mallattoodha. B. Fakkoommiidha.
   C. Fakkiidha. D. "C" malee hunduu deebiidha.
2. Kanneen asiin gadii keessatti loogoo kan bakka bu'u isa kami?
   A. Dhibee HIV
   B. Mallattoo dhaabbata beekamoo
   C. Mallattoo tiraafikii
   D. Hunduu deebiidha.
3. Hiika poosteraa ilaalchisee isa kamtu dhugaa miti?
   A. Fakkiifi Barreeffama gabaabaan kan qindaa'edha.
   B. Mallattoofi Barreeffama gabaabaan kan qindaa'edha.
   C. Ergaa guutuufi ifaa ta'e dabarsa.
   D. Deebiin hin kennamne.
4. Ogummaa poosteraa loogoo irraa kan adda taasisu:
   A. Halluu miidhagaa ta'e qaba.
   B. Baay'ee nama hawwata.
   C. Bifa Wantoonni uumamaan qaban agarsiisa.
   D. Hunduu deebiidha.
5. Og-tiyaatira gargaaramnee ergaa nuti dabarsuu dandeenyu?
   A. Walfakkeenya yaadaa C. Garaagarummaa yaadaa
   B. Tokkummaa yaadaa D. hunduu deebiidha
6. Faayidaan aartiin hawaasaaf qabu keessaa tokko
   A. Aadaa hawaasaa guddisuu C. Garaagarummaa barsiisuu
   B. Jijjiirama yaadaa uumuu D. Hunduu deebiidha

Biiroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022

# OG-AARTIIWWAN

## Kitaaba Barattootaa

Kutaa 5

Gatii ________